Kallacha Oromiyaa

Jijjiirama hundagaleessaaf Odeeffannoo sirrii!

Bara 30 *Lakk. 19* *Bitootessa 7 bara 2015* *Gatiin qar. 10*

Mootummaan dhaabbileefi qaamolee hawaasaa hongeen miidhamaa jiraniif deggersa taasisaniif marsaa 2ffaaf beekamtii kenne

Galaanaa Kumarraatiin

Mootummaan Naannoo Oromiyaa godinaalee muraasa keessatti rakkoo goginsaa uumameen miidhaa gahaa jiru waliin furuuf dhaabbileefi qaamolee gargaarsa namoomaa taasisaniif marsaa 2ffaaf kaleessa beekamtii kenne.

Naannoo Oromiyaa godinaale muraasa keessatti rakkoo goginsaa uumameen miidhaa ga'aa jiru waliin furuuf dhaabbileefi qaamolee hawaasaa naannichaa hundaaf deggersa akka taasisaniif mootummaan waamicha dhiyeessuunsaa ni yaadatama. Kunuma hordofuun dhaabbileen mootummaafi miti mootummaa akkasumas qaamoleen dhuunfaa garaagaraa maallaqaafi akaakuudhaan deggersa taasisaa jiru. Dhaabbileefi maallaqaafi akaakuudhaan deggersa kana taasisaniifis torban darbe beekamtiin kan kenname yoo ta'u guyyaa kaleessaas kennamee jira.

Haaluma kanaan, sagantaan beekamtii kennuu marsaa 2ffaaf guyyaa kaleessaa mooraa Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti kan qophaa'e yoo ta'u, dhaabbilee mootummaafi miti mootummaa

Gara fuula 14tti

Hojii barnoota fayyaafi kominikeeshiiniitiin bu'aalee argamaa jiran caalaatti itti fufsiisuun murteessaadha jedhame

Galaanaa Kumarraatiin

Hojii barnoota fayyaafi kominikeeshiinii sektara fayyaatiin bu'aawwan argaman caalaatti itti fufsiisuuf hojii qindoominaan hojjetamu cimsuun murteessaa ta'uu Biiroon Fayyaa

Gara fuula 14tti

Aanichatti buna kilaastaraan misoomsuurratti hojjetamaa jirachuun ibsame

W.K.Aanichaatiin

Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Sayyootti bara kana oomishtummaa bunaa guddisuuf buna kilaastaraan misoomsuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa akka jiru Waajjirri Qonnaa Aanichaa beeksise.

Waajjira Qonnaa Aanichaatti Dursaan Garee Misooma bunaa, kuduraafi muduraa, mi'eessituuwwanii Obbo Lataa Raggaasaa Aanaan Sayyoo aanaalee godinichaa bunni baayyinaan keessatti oomishamu keessaa tokko kan taateefi galiin ummata aanichaa harki caalu bunarraa yoo ta'u, bara kana aanichatti hawaasni oomishasaa guddisee caalaatti itti fufinsaan akka fayyadamuuf xiyyeeffannaa guddaan kennamee hojjetamaa jira jedhan

Aanichatti oomishtummaan bunaa akka guddatuuf

Gara fuula 14tti

Bulchinsa Magaalaa Jimmaattii daandiin asfaaltii qar. mil. 200 oliin ijaaramuu jalqabe

W K Magaalichaatiin

Magaalaa Jimmaatti baajata Bulchiinsa Magaalaa qarshii miliyoona 200 oliin daandiin aspaaltii KM5 ijaaramu tibbana ifatti jalqabamuun ibsame.

Baasiin ijaarsa daandii aspaaltii kun baajata bulchiinsa magaalichaan kan uwwifamu yommuu ta'u Abbaan Taayitaa Daandiiwwan Itoophiyaa immoo daandicha kan hojjatu ta'ee hojiin isaas tibbana bakka Hoggansi Olaanoon Abbaa Taayitichaafi Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa akkasumas qaamoleen hawaasaa argamanitti ifatti eegaleera.



Kantiibaan Magaalaa Jimmaa Obbo Najiib Abbaa Raayyaa Sirna jalqabbii daandii aspaaltii kanarratti argamuun haasawaa taasisaniin Magaalli Jimmaa

Gara fuula 14tti

Aanaa Lumeetti qamadiin jallisiin misoome sassaabamuu eegale

W.K.Aanichaatiin

Godina Shawaa Bahaa Aanaa Lumeetti qamadiin Jallisii marsaa 1ffaan misoome sassaabamuu eegaluunsaa ibsame.

Aanaa Lumeetti qamadiin jallisii boneen marsaa tokkoffaan misoome walitti qabamuu eegaleera. Bara kana akka Aanichaatti jallisii bonee marsaa 1ffaan gandoota 12 keessatti lafa hektaara kuma 21fi 24 irratti misoomaa jiraachuu ragaan Waajjira Qonna Aanichaarraa argame ni mul'isa.

Oomisha kanarraas giddugaleessaan hektaararraa kuntaala 47 waliigala oomisha jallisii marsaa duraa kanarraa callaa kuntaalli miliyoonn 1fi kumni 555fi 776 kan abdatamu ta'uu Itti gaafatamaan Waajjira Qonna Aanaa

Gara fuula 14tti

Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!

Gumaata

Dubartii waan qabdu kennitee waan hin yaadiin argatte- Walisoo

Kan ati hin yaadne siif haa yaadu jedha mammaaksi Oromoo. Kunimmoo gaarii ta'us yaraa ta'uus ni danda'a. Haata'u malee yeroo baay'ee gaarummaan walqabatee kan mammaakamuudha.

Namni waan qaburraa nama gargaara, kan waanuma qabu kennuun gargaaru baay`ee miti; Aaddee Kaasachi Fayyisaa jiraattuu magaalaa Walisooti; hojii guyyaan bulu; waan qaban utuu hin hambifatiin lammilee sababa hongeen rakkoof saaxilaman gargaaran.

Namni waan gaarii facaase waanuma faacaase haammata akkuma jedhamu gocha kana kan dhagahe dayaaspooraan tokko gaarummaa godhaniif birrii kenneef.

Aaddee Kaasachi Fayyisaa magaalaa walisoo ganda Ejersaa jedhamu keessa jiraatu mana manarra naanna'uun namaaf midhaan soruun bulu. 'quuqqaa rakkoo abbuma irra gahetu beeka' jechuun uummata Godina Booranaa sababa hongeen rakkoof saaxilaman deeggaruuf waan of harkaa qaban utuu of-harkatti hin hanbisiin birrii 50 gumaachan.

Dargaggoonni Magaalaa Walisoo hojii deeggarsa walitti qabuu irratti babba'an, gaarummaan dubartii kanaa waan garaa isaan nyaateef, qarshii ishiin deeggarte waliin miidiyaa hawaasaarratti gad lakkisan. "Namni gaarummaa facaase gaarummaa haammataa" jedhama mitiiree! Namni Zagayyee Mulugeetaa jedhamu kan biyya Ameerikaa jiraatan gaarummaa dubartiin kun raawwattetti gammaduun, Birrii kuma kudhan erganiiru.



Fuula durattillee itti fufiinsaan kan deeggaran ta'uu odeeffanneerra. Namoonni naannoo sanaafi aaddee Kaasachi Fayyisaa waliin hojjataa turan, nama deeggarsa namaan jiraatuufi rakkoo ishiirraa rakkoo namaaf garaan ishii raafamuufi nama nama jaalattuu, namootaanis jaalatamtu ta'uu himan.

Addee Kaasach Fayyisaas "Rakkina kiyyarra rakkina Uummata kiyyaatu caala jedheen birrii midhaan soree argadhe kenne, qaama waan gaarii kana naaf yaadellee nan galateeffadha" jedhan.

Dargaggoonni Magaalaa Walisoo OBN dubbises hojii gaarii dubartiin kun hojjatan namoota biroofillee baruumsa guddaa ta'uu akka qabu dubbataniiru.

Walitti dhufeenya Itoophiyaafi USA jalqabaa hanga ammaa gabaabbinaan

Walitti dhufeenya Itoophiyaafi USA, Theodore Roosevelt - Joe Biden.

Walitti dhufeenyi Itiyoophiyaa fi USA, ALA bara 1903 irraa eegala; bara Tee'odoree Ruuzvelt[Theodore Roosevelt]. Yeroo inni ergamaasaa Roobert P.Skineer gara Itoophiyaa ergerraa eegala. Bara 1929'ttis walitti dhufeenyi biyyoota lamaanii dubbiirra darbuun waliigaltee hariiroosaanii cimsuu waliif mallatteessan.

Isaan duraas ergamaan mootii Itoophiyaa yeroo sanaa bara 1927, namni Warqinee Esheetee jedhamu yeroo jalqabaaf ergama biyyaa fuudhee gara USA'tti imalee ture.

Waraana Xaaliyaanii marsaa 2ffaaf Itoophiyaatti bante mootiin Hayilasillaasee gara Ingilaanditti baqatanii erga deebi'anii boodas, dhuma waraana addunyaa 2ffaarratti Hayilasillaasseen USA, biyyoota shanan weerara Xaaliyaaniin Itoophiyaarratti raawwattee akka kolonitti qabatteef beekamtii hin kennine jechuun ibsanii turan.

Ameerikaanis ALA Caamsaa bara1944tti 'Lend-Lease' carraa tumsa warreen waarana addunyaa 2ffaa booda USA'n gama meeshaalee waraanaafi deeggarsa kana fakkaataniin kennituuf keessa akka galtu taate. Carraa kana argachuun duras Mootii Hayilasillaaseen Amajjii Bara 1944 pirezidaantii USA Firaankiliin Ruuzveltiin waliin Ijiptitti qaamaan wal arganiiru.

Bara 1951 immoo walii galtee nagaa, obbolummaafi dinagdee waliif mallatteessaniiru. Bara 1953'ttis walii galtee waliif tumsa dhimma ittisaa waliif mallatteessan.

Bara 1957'tti yeroo Pirezidaantii Itti aanaan USA Riikard Niikzeen Itoophiyaa daawwataniidha.

Kunis Hooggansi Olaanaan Ameerikaa yeroo jalqabaaf hariiroo biyyootaa cimsuuf gara Itoophiyaa dhufe jedhamee fudhatama.

Itoophiyaan biyyoota jalqaba sagantaa dhaabbanni namoota dhabeeyyii bilisaan gargaarurraa kanneen fayyadaman taate. 'Peace Corps' sagantaan kunis qonna, barnoota bu'uuraa, tuuriizimii, fayyaa, misooma dinagdee kanneen biroo biyyattii keessatti cimsuuf hojjetaa ture.

Bara 1974 gara aangootti dhufuu Mangistuu Hayilamaariyam hordofee baroota addunyaan garee uumuun waraana ololaa walirratti bane, garee USA fi USSR'n wal dorgommii waraanaa, dinadee, siyaasaafi hawaasummaan wal micciiraa ture, garee warra kaappitaalizimiifi sooshaalizimii jechuun.

Dargiinis yeroo sanatti gara warreen Waarsoo ykn Sooshaalistii goruun warra Kaappitaalistii keessattuu garee kana olaantummaan kan gaggeessitu USA'n ija hamtuun akka Itiyoophiyaa ilaaltu taasise.

Kufaatii dargii boodas, mootummaan USA' TPLF'n deeggaree hanga masaraa mootummaa galchutti deeggarsa raayyaa, namomaafi kanneen biroo Itoophiyaaf gumaachaa ture.

Carraawwan investimantii, gabaa bilisaa 'AGOA' Itoophiyaaf uumuunis USA'n tumsituu Itoophiyaa turte.

Hariiroon biyyoota lamaanis hariiroo gar-lameefi tarsimaawaa ta'ee cimee itti fufe.

Pirezidaantota Ameerikaa utuu aangoorra jiranii Itoophiyaa daawwannaa hojiif dhufan keessaas Baraak Obaamaan isaan jalqabaati, ALA bara 2015nitti. Ameerikaan balaa shororkeessitoonni aggaaman qolachuuf Itoophiyaa michuu tarsimaawaa godhatteetti.

Hariiroon Itoophiyaafi USA bu'aa bahii qabaatus biyyoonni lachuu wal barbaadu.

Teessoo gamtaa Afriikaa ta'uu, haalli teessuma lafaa, baay'ina uummataafi dhiheenya Galaana Diimaatiif qabduun biyyoonni guddatan Itoophiyaarraa fedhii addaa qabu.

Jilli Ministira Dhimma Alaa USA Antoonii Biliikeniin durfamus hariiroo biyyoota lamaan gidduu jiru cimsuufi dhimmoota biroorratti mari'achuuf dheengadda halkan waarii Finfinnee galaniiru.

Turtiisaaniinis Ministira Muummee Itoophiyaa Dr.Abiyyi Ahimad waliin dhimmoota hariiroo biyyoota lamaanii cimsaniifi idil addunyaarratti ni mari'atu. Kana malees Biliinken hoggantoota olaanoo mootummaa biroo waliinis akka mari'atan himameera.

Maddi: OBN

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!

Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Tokkummaan keenya humna obbolummaa keenya jabeessee galma badhaadhinaa biraan nu ga'udha!

Tokkummaan keenya milkaa'ina waloo keenyaaf murteessaadha. Humni guddaan uummanni Oromoo qabu tokkummaasaati. Kanaafi waggoota hedduuf beektotni(hayyoonni) Oromoo tokkummaa uummata Oromoorratti hojjetaa tureedha.

Icciitiin milkaa'ina Oromoo akka sabaatti tokkummaadhaan dhaabbachuu isaati. Oromoon duudhaa waliin jireenyaa addunyaan irraa baratu kan qabuudha.

Duudhaa waliin jireenyaa qabuu kanaan Itoophiyaan akka biyyaatti akka itti fuftuufi sabaafi sablammoonni kabajaan akka waliin jiraatan gahee leencaa uummata taphateedha. Ammas sabaafi sablammoota waliin ta'uun egeree Itoophiyaa miidhagsuun harka Oromoo jira.

Finxaleyyoonni kana arganii halkaniif guyyaa imala kana karaatti hambsisuuf tattaaffii garaa garaa godhanis tokkummaa keenyaan gochaafi ilaalchi isaanii akka maseenu shakkii tokko hin qabnu. Kaayyoofi karoorri humnoota kanaa aangoo karaa qaxxaamuraan qabachuuf jecha uummata Oromoo akka sabaatti duula maqa balleessii irratti gaggeessaa jiru. Murnoonni kunneen wal qixxummaatti kan hin amanneefi olaantummaa saba tokkoo kan leellisaniifi abjuu aangoo qabachuuf qaban ittiin milkeessuuf yeroo wixxifatan agarra.

Tooftaan Oromoo cabsuuf ittiin deemaa jiran ammoo Oromoon akka sabaatti tokko akka hin taaneefi lagaan akka walqoodu taasisuun akka carraatti fayyadamuuf dadhabu. Oromoo Oromoodhaan cabsuu kan har'a eegalan osoo hin taanee sirnoota darban keessatti kan ittiin milkaa'aa dhufan ta'us har'a garuu tokkummaa keenyaan shira murnoota kanaa saaxiluun tokkummaa biyyoolessaa ijaaruu dandeenyeerra.

Yeroo har'aa kanas uummanni Oromoo tokko ta'ee akka hin dhaabbanneefi tokkummaan isaa akka laafu gochuuf gaarri isaan hin baane, dhagaan isaan hin fonqolchine hin jiru. Sababni isaa yoo Oromoon tokko ta'ee dhaabbate abjuun isaanii dheebuu aangoof qaban ni fashalaa'a. Seenaa keessattiis yeroo Oromoon akka sabaatti tokko ta'ee dhaabbate diinoonni isaa fuuldura dhaabbachuu akka hin dandeenye irra deddeebiin uummatichi dhugoomsee jira.

Kanaaf uummanni Oromoo tokkummaasaa yeroo kamuu caalaa jabeeffachuun diinootasaa gocha badii qabatanii socho'anirraa dhaabsisuu qaba. Yoo kana ta'e qofa Oromoon akka sabaatti of cimsuun Itoophiyaa sabaafi sablammoonni hundi bilisaan wal kabajuun keessa jiraatan uumuu danda'a. Uummanni keenya amma yaadama siyaasaan, amantaan, lagaafi kutaan osoo wal hin qoodiin dhimma Oromummaarratti tokko ta'uun waliin dhaabatee milkaa'ina kana kan duraarra dachaan galmeessee addunyaaf fakkeenya ta'uu qaba!

Daalle Waabaraatti oomisha dammaa toonii 325 irraa qarshiin miliyoonni 85.8 ol argame

WK Aanichaatiin

Godina Qellem Waallaggaa Aanaa Daalle Waabaraatti, oomisha dammaa toonii 325n irraa qarshiin miiliyoona 85,800 ol argamuun ibsame.

Sochii Oromiyaa galaana dammaa ni goona jedhu sababeeffachuun xiyyeeffannaan Mootummaan Naannoo Oromiyaa Lixaa Oromiyaa misooma dammaa keessatti hirmaachisuuf hojii guddaan hojjetamaa jira.

Kana milkeessuuf Imala badhaadhina biyya keenyaa keessatti jalqabamee jiru fixaan ba'insaa akka qabaatu gochuuf Aanaa Daalle Waabaraatti oomishaafi oomishitummaa dammaa dachaan dabaluuf sochii Waajjirri Qonnaa taasisaa jiru olaanaa dha. Yeroodhaa gara yerootti leenjii hubannoo cimsuu qonnaan bulttootaaf karaa hojjettoota dirree misoomaafi ogeessota qonnaatiin kennamaa tureera.

Waajjira Qonnaa Aanichaatti Itti aantuun Hogganaa Waajjiricha Aaddee Tuujjubee Nagaasaa, akka ibsanitti dhaadannoo "Oromiyaa Galaana Dammaa nigoona" jedhuun oomishaaf oomishtummaa dammaa dachaan dabaluuf, bara kana gaagura aadaa 16,862 qonnaan bulttoota 1,666n hojjetamaa akka jiru gaagura aadaa kanarraa ammoo dammi toonii 168.62 argamee jira jedhan.

Gaagura ce'umsaa 5562 irraa dammi toonii 111.28 qonnaan bultoota 955n hojjatamee akka jiru gaagurrii ammayyaa 1620 irraa dammi toonii 45.36 qonnaan bultoota 346n hojiin misooma dammaa haala gaariin hojjetamaa akka jiru Aaddee Tujjubeen dubbataniiru.

Bara kana dammii qulqullinaafi sadarkaan isaa eegamee toonii 325 yookaan kiloogiraamii 325,000 ol irraa qarshii miliyoona 85,841,000 argamee akka jiru eeramee, hojii kanarratti qonnaan bultoonni 2,967 hirmatanii akka jiran ibsaniiru.

Bara kana bifa haraaan oomishaaf oomishitummaa dammaa dachaan dabaluuf galii qonnaan bulttoota ol guddisuuf gaaguraa ammayyaa 323 qonnaan bultoota 150f raabsamee akka jiru ibsanii jiru .

Gaagurri ammayyaan kun Kolleejjii BLTO Daalle Waabaraatti qophaa'uun gatii madaalawaan hojjetamee gaagurrii 323 qarshii 267,600n qonnaan bultootaaf raabsamee jira. Hojiin kunis qindoomina waajjira qonnaafi Kolleejjii BLTO Daalle Waabaraa gidduu jiru cimaa ta'uu himanii jiru.

Hoji-gaggeessaa Olaanaan Kolleejjii BLTO Daalle Waabaraa Obbo Lammii Lammaa, gama isaniitiin imaammataafi tarsiimoo mootummaan baase galmaan ga'uuf oggeessota keenya waliin taanee, gaagura ammayyaa qopheessanii gatii madalawaan qonnaan bultootaaf raabsaa akka jiran Obbo Lammiin dubbataniiru. Akka ibsa Obbo Lammiitti koollejjiin BLTO Daalle Waabaraa daran hojii kana babal'isuuf ciminaan hojjetaa jirra jedhan .

Qonnaan bultoonni oomisha dammaarratti bobba'anii hojjechaa jiran tokko tokko yaada kennaniin akka ibsaniitti, bara kana gaagura aadaafi ammayyaa gidduu garaagarummaa guddaan akka jiru himanii, gagaura aadaa tokkoorraa damma kg 5-10 qofi argamuu akka dand'uufi gaagura ce'umsaa tokkorraa immoo dammii kg 18-20 akkasumas, gaagura ammayyaa tokkoo irraa immoo dammii kg 25-30 argamuu ni danda'aa jedhan.

Erga hojii misooma dammaa kanarratti bobbaanee hojjechuu jalqabne asitti galiin keenya foyyaa'ee jiruuf jireenya keenya jijjiiree waan jiruuf bara kana dabalataan gaagura ammayyaa haaraa fudhanee jirra jedhanii hojii kanas caalatti jabeessuun galii barbaachisaa irraa argachuu akka barbaadan ibsaniiru.

Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Beeksisa

Arsii

Obbo Qannuubbat Taayyee Magaalaa Asallaa ganda 09 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa'eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 2602/10/95 ta'een galmaa'ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta'uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Aadde Maqdaas Lammaa mana jireenyaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa WBIFLM/0237/13 ta'e lafa kaareemeetira 323.435 qaban keesssaa kaareemeetira 150 Obbo Abirahaam Awoqee bitataanii jijiiraaa maqaa waan nu gaafataniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 keessaatti akka dhiyaatu,yoo kan hin dhiyaanne ta'ee jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

Aadde Mastawot Wondimmuu mana jireenyaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa BMBG/0068/2005 ta'e lafa kaareemeetira 450M^2 irraa qaban keesssaa kaareemeetira 225 Obbo Sabsibee Qillaxootti gurguranii jijiiraaa maqaaf waan nu gaafataniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessaatti akka dhiyaatu,yoo kan hin dhiyaanne ta'ee jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

Obbo Geetuu Tufaa karaa Bakka bu'aa isaanii Obbo Xibabuu Tasfaayeetiin mana jireenyaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 02 Lakk. Kaartaa isaa WLM/01023/14 ta'e lafa kaareemeetira 140 irraa qaban Aadde Tirsiit G/Maariyamiitti gurguratanii jijiiraa maqaa waan nu gaafataniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessaatti akka dhiyaatu,yoo kan hin dhiyaanne ta'ee jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

Obbo Xilahun Dabaalqee karaa Bakka bu'aa isaanii Aadde Hiruut Buzunaatiin mana jireenyaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 01 Lakk.Kaartaa isaa WLM/0463/15 ta'e lafa kaareemeetira 140 irraa qaban Obbo Salamoon Amaareetti gurguratanii jijiiraa maqaa waan nu gaafataniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessaatti akka dhiyaatu,yoo kan hin dhiyaanne ta'ee jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

Obbo Bayeroo Qalbooree Magaalaa Bishaan gurraachaa ganda 02 keessa mana jireenyaa lakk.kaartaa BMBG/0062/06 ta'e kaareemeetira 500 keenameefi qaban keessa kaareemeetira 320 Obbo Tasfahunnanya Tirfeetti gurguratanii maqaa jijjiirrachuu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu isin beeksifna.Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaa.

Obbo Addafris Anbasee Magaalaa Bishaan gurraachaa ganda 02 keessa mana jireenyaa lakk.kaartaa WLM/0480/15 ta'e kaareemeetira 140 kennameefi qaban Aadde Tiringoo Faqibaalutti gurguratanii maqaa jijjiirrachuu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu isin beeksifna. Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaa.

Obbo Shukuraa Roobaa Magaalaa Bishaan gurraachaa ganda 02 keessa mana jireenyaa lakk.kaartaa WLM/0477/15 ta'e kaareemeetira 140 kennameefi qaban Obbo Birbirsaa Eleemaatti gurguratanii maqaa jijjiirrachuu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu isin beeksifna.Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaa.

Obbo Jamaal Muhaammad Magaalaa Bishaan gurraachaa ganda 02 keessa mana jireenyaa lakk.kaartaa WLM/0478/15 ta'e kaareemeetira 140 kennameefi qaban Aadde Beeteleem Agaatti gurguratanii maqaa jijjiirrachuu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu isin beeksifna.Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaa.

Aadde Ifraataa Darajjee Magaalaa Bishaan gurraachaa ganda 02 keessa mana jireenyaa lakk.kaartaa WBIFLM/0118/14 ta'e kaareemeetira 284.2 kennameefi qaban Aadde Saalamaawit Salamoonitti gurguratanii maqaa jijjiirrachuu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu isin beeksifna. Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaa.

Aadde Hawwaa Hamzaa Magaalaa Bishaan gurraachaa ganda 01 keessa mana jireenyaa lakk.kaartaa WBIFLM/0064/14 ta'e kaareemeetira 160 kennameefi qaban Aadde Fireewoot Abbabeetti gurguratanii maqaa jijjiirrachuu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu isin beeksifna.Waajjira lafa magaalaa bishaan gurraachaa.

Obbo Adam Hasoo Finqilaa Magaalaa Dodolaa ganda M/W Ollaa 5ffaa keessa mana jireenyaa lakk.kaartaa A-1017/2470/00 galmaa'ee naaf kennamee na jalaa badeera jedhani iyyataniiru Kanaafuu qaamni sababa garagaraatiin kaartaa kana qabadheera jedhu beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira lafa magaalaa Dodolaatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta'e kaartaan duraanii hojiin ala ta'ee kan biraa kan kennamuuf ta'uu isin beeksifna.Waajjira lafa Magaala Dodolaa

---

Aadde Amaanee Hammuu Sarbii Magaalaa Dodolaa ganda madda waabee keessatti lafa kaaremeetira 250m2 lakk nagahee 0539236 bara 1981 tajaajila mana jireenyaaf naaf kennamee na jalaa badeera jechuun iyyataniiru Kanaafuu qaamni (namni)sababa garagaraatiin kaartaa kana qabadheera jedhu beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti Waajjira lafa magaalaa Dodolaatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta'e kaartaan duraanii hojiin ala ta'ee kan biraa kan kennamuuf ta'uu isin beeksifna.Waajjira lafa Magaala Dodolaa

---

Aadde Balaxuu Muhiyee Zawudee Magaalaa Dodolaa ganda Madda Waabee keessatti lafa kaaree meetira 250 kan ta'e tajaajila Mana jireenyaatiif ta'e Lakk. Nagahee 47303 bara 1984 maqaa isaaniitii galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Obbo Zannabaa Lagasaa Roobii Magaalaa Dodolaa ganda Aanolee keessatti lafa karee meetira 350 kan ta'e tajaajila Mana jireenyaatiif ta'e Lakk. Nagahee 47467 bara 1984 maqaa isaaniitii galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Obbo Huseen Ganamoo Magaalaa Dodolaa ganda Anoolee Ollaa 3^{ffaa} keessatti lafa tajaajila Mana jireenyaatiif ta'e Lakk. Nagahee 1749265 bara 2000 maqaa isaaniitii galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Aadde Zeeyinabaa Muhaammad Badhaasoo Magaalaa Dodolaa ganda Madda Waabee keessatti lafa kaaree meetira 250 kan ta'e tajaajila Mana jireenyaatiif ta'e Lakk. Nagahee 0538770 bara 1981 maqaa isaaniitii galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Aadde Tigisti Mokonnin Magaalaa Dodolaa ganda Madda Waabee Ollaa 1^{ffaa} keessatti lafa tajaajila Mana jaarmiyaatiif ta'e Lakk. Nagahee 2471702 fi Lakk. Kaartaa Dhoo 9123/00203/T-297/2002 maqaa isaaniitii galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Aaddee Qabballee Burqamoo Karaa Bakka Bu'aa isaanii Obbo Abarraa Daalalootiin mana jireenyaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa WBIFLM/0016/00 ta'e lafa kaareemeetira 500 irraa qaban keessaa kaareemeetira 140 Obbo Angaasaa Nagaashiitti gurguratanii jijiiraan maqaa akka raawwannuuf waan nu gaafataniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

M/Tasamma Dasitaa Tulluu Mana jireenyaa Magalaa Boqojjii ganda M/Saadooyyee keessatti argamu kaartaa ragaa abbaa qabeenyummaa (saayitti) lakk. kaartaa 405/157/88 ta'e maqaa isaaniitii galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Boqojjii

---

Baale

Obbo Ahimad Adam Muhaammad Lafa Mana Jirenyaa Magaalaa Roobee Ganda Baha Biiftuu keesatti galmaa'ee argamu Lakk. A-11131 ta'eefi Lakk. Kaartaa 5571/2004 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Galmeekoo yeroodhaaf waajjira keessaa waan dhabamee Galmeen yeroo naaf banamee tajajaila barbaadan akka naaf kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni Galmee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa hojii 30keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate galmee yeroo banneefi tajaajila barbaadan hunda kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee.

Iyyataan Obbo Mahaadii Muhaammad mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 02keessatti bali'inni lafa isaa 200M^2 irratti argamu Aadde Kiimiyaa Bayaanitti waan gurguratanniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyattuun Aadde Jamiilaa Ibraahim mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 02keessatti bali'inni lafa isaa 400M^2 irratti argamu iraa hiri'isanii 200M^2 Obbo JamaalAbdulaxiifitti waan gurguratanniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!

Aadaa

Daraartuu Beekumaa

Meeshaalee Aadaa hojii qonnaaf tajaajilan-Qoreetti

Qonni bu'uura dinagdee biyya keenyaati. Ummanni biyyattii jireenyisaa harki 90 ol kallattiinis ta'e karaa kallattii hin taaneen qonnaarratti kan hundaa'edh. Mootummaan bu'aawwan qonnarraa argaman gara alaatti ergee sharafa alaa argata. Qonni hanga kana mara biyya keenyaaf bu'uura jiruufi jireenyaa erga ta'eeakkaataa aadaatti iddoowwan garaagaraatti meeshaalee qonnaa qotee bulaan ittiin oomishuuf fayyadamu beekuun barbaachisaa ta'a. Qonnaan keenya dhawaataan gara industiriitti ce'uufi ammayyaa'uu akka jalqabe beekamaadha.

Harqoota



Haada dhiitataa

Aadaa oomisha qonnaa keenyyaa keessatti eessaa kaanee eessa akka geenyee jirru, yookiin eessa ga'uun osoo nurra jiruu eessaa akka jirru hubachuuf ka'umsa keenya beekuun waan hundumaafuu gaarii ta'a. Kanarraa ka'uudhaan meeshaaleen akka aadaatti qonnaaf itti tajaajilamnu maalfa'i? Maal maalis jedhanii waamamu kan jedhu kan godina Arsii Lixaa Aanaa Qoree dhiheessuu yaalla. Meeshaaleen aadaa kun bakka addaa addaatti akkaataa aadaa oomishaa naannoo tokkootti maqaansaanii garaagara ta'uu danda'a. Akaakuuwwan meeshaa faayidaarra oolaniis akkasuma.

Yeroo ammaa meeshaalee qonnaa aadaa qofaan ummanni biyya keenyaa qotataa jira jechuu osoo hin taane,ka'umsi meeshaa qonnaa ammayyaa meeshaalee qonnaa aadaa ta'uufi ammas irra caalaan hawaasa biyya kanaa meeshaalee qonnaa aadaa kanatti fayyadamaa jira jechuudha . Artisti Laggasaa Abdii wayita lubbuun turetti "Qoti yaa qotiyyoo, qoti yaa gabaree yaa qottuu migiraa lubbuun ilma namaa maqaa keetiif jira." Jedhee weellisuunsaas sababa malee miti.

Akka Aanaa Qoreetti meeshaaleen aadaa qonnaaf tajaajilan: Nooyee (Harkisaa), Harqoota(Qanbara), Marashaa (Sibbattii), Wagala (Qonyee), Kabala (Digaree ykn digarii), Halasaa, Haada dhiitataa ykn finyoo dhiitaa, Haada (Miraara) Harqootaa (Hudhaa), Miraara Halasaa, Kifee Kabalaa (Nooyee gara duubaa), Kifee Nooyee tan afoo (tan funyaanii), Dongoraa, Qaccee (Shabbeena qotiyyoo ittiin oofan)fa'idha.

Meeshaalee kanneen keessaa tokko yoo hanqate ykn yoo hafe qonni qotiyyoon qotan gonkumaa hin geggeeffamu.Tan dhumarratti xuqamte argamtu waan hin taane. Qaccee malee qotuun ni danda'ama. Qotiyyoo bakka qacceen oofan uleenis oofuun ni danda'ama.

Meeshaalee kanneen akkaataa fayyadamasaaniifi waan isaan irraa tolfaman akkaataa armaan gadiitiin ilaalla.

Nooyee (Harkisaa)

Harkisaan muka qal'innisaa utubaa hin geenyetu muramee qophaa'a. Erga mukni kun xiqqoo qooree(gogee) booda baasaan bakka kifeen kabalaafi kifeen afoo itti galtu itti baasan. Ammas meeshaadhuma sibiilaa baasaa jedhamu kanaan gara duubaatti qaawwa dongoraa itti baasan. Achii booda kifee kabalaa, dongoraa, kifee afoofi kanneen hafan itti dachaasanii dhiitatanii qonnaaf qopheessan.

Inni kun yeroo baay'ee muka heexoo shamee jedhamurraa bocama. Haata'uu garuu, mukkeen biroorraallee ima tolfama. Dheerinni qanbaraa ciqilee ykn dhundhuma sadii hin caalu. Akka dalluu (gooba) qotilee ykn qotiyyootti tolutti bareechifameefi qixa dalluu sangootaatiin bocama. Ergasii qaawwa halasaan galuun afurtu itti ba'a. Kan biraa immoo walakkaa Harqootaarratti qaawwi bal'aan ni baafama. Qaawwa baafame kana keessa haada (naqattoo)galchanii irratti hidhama. Halasaan arfan erga itti deebi'ee,miseensi dhedheeraan lama halasaa lama irratti erga hidhamee,miraarri jidduu yoo itti deebi'e qotilee ittiin xamaduuf qophaa'a.

Maarashaa ykn sibbattii

Marashaan sibbattiin sibiilarraa tumamee hojjetama. Qixa dongoraa ta'uun qophaa'a. Dongoratti diranii akka irraa hin baanetti tolchanii meeshaalee kaawwan waliin qindaa'ee qonnaaf qophaa'a.

Wogala (qonyee)

Wagalli sibiilarraa akkaataa (boca)sibbattiifi kabalaa walitti qabuun akkasumaas mataa irra qonyifamee haada dhiitataa akkaataa itti diruuf tolutti qophaa'a. Ergasii kabalaa maarashaa irratti sirritti ittiin qabanii, haada dhiitataa mataa qonyee wagalaa sanitti dhayatanii,Harkisaafi wagala walitti gad hidhanii dhiitatamee gahee isaa bahuuf qophaa'a.

Kabalaa

Mukarraa akkaataa qonnaaf toluun ogeessi boca.Fiixee kabalaa akka wagala keessa seenutti qaqal'isaniifi haphisanii bocama. Gara duubaa irratti qaawwi kifeen itti galtu kabalaa lamaan irrattuu ni baya. Kifeen kabalaafi nooyee al tokko itti galu dhiyaatee erga itti diramee hojiisaatiif qophaa'a.

Halasaa

Muka furdinnisaa ulee hin caalletu afur isii ciramee qophaaya. Mukti kunis sangaan akkuma salphatti cabsee akka xamaddii hin baane muka jabatu muramuu qaba. Fakkeenyaaf halasaan muka Hadheessaa, Ejersaafi kkf irraa qophaaya. Qaawwa qanbararraa arfanittuu deebisanii, miseensa lama isiirratti hidhanii bifa kanaan qooda isii raawwachuuf qophoofti jechuudha.

Haadni kun kan mataa qonyee wagalaatitti diramee, harkisaatti dhayachuudhaan ittiin dhiitatanidha. Akka qonnaaf ta'utti duudhatanii ittiin hidhanidha. Haadni kun teepha, madaabaraafi kkf irraa tolfamuu danda'a.

Haada (Miraara)Harqootaa

Haadni kun qaawwa gidduu qanbaraatti, baafamu keessa galchuudhaan xiqqoo gadi dheereffamee hidhama. Kifeen harkisaa gara afootti godhamtu erga nooyee qacceesaa haada kana keessa seensisanii booda kifee afoo tana itti godhuudhaan akka irraa hin buune taasisan.

Miraara Halasaa (miseensa)Halasaa

Miseensi halasaa kun kan kokkee qotiyyoo jalatti mataa mukkeen halasaa jedhamtuu kana walitti ittiin hidhuudhaan akka qotiyyoon xamaddii keessaa hin baane tan gargaartuudha.

Kifee Kabalaa (Digaree)

Kifeen kun dheerinnishee kifee afoo ni caalti. Sababnisaa kabalaa lamaaniifi harkisaa keessa darbitee kabalaafi nooyee walitti qabdi waan ta'eefi.

Kifee Nooyee tan afoo

Kifeen kun dheerinnishee xiqqoma taakkuu tokko kan caaltu taatee, fiixee harkisaa haada qanbaraa walakkaarratti hidhameeru keessa erga galchanii booda qaawwa mataa Harkisaarra jirtu san keessa galchuun qanbaraafi harkisaan akka walitti hidhamu kan taasiftudha.

Dongoraa

Dongoraan (hordaan) kan qabatanii ittiin qotaniidha. Kan marashaan itti kaa'ameefi kabalaan walitti qabanii wagala itti kaayuun akka qonnaaf tolutti kan dhiitatamudha.

Qaccee/Shabbeena

Madaabaraafi waan kana fakkaatanirraa kan tolfamtu yommuu taatu,yeroo qotileen nama dhibde kan dhayaniidha.Yoo sangoonni suuta deemtellee akka ariifattee deemtu kan ittiin sodaachisan/kan ittiin dhayanii ittiin ooffatanidha.

Qaasim Guutaa, Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Qoree, Arsii Lixaa

Finxaalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!

Iyyattuun Aadde Makkoo Aadam mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 02keessatti bali'inni lafa isaa 156M² irratti argamu Obbo Abduu Huseeniitiif waan kennaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Kadiir Ahimad Maanee mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Bilaal Muhaammad Kadiritti waan gurguratanniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Reediwaan Muhaammad mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Hasan Kaasaatti waan gurguratanniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Aadde Meemunaa Awwal mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Abdulnaasir H/Muhaammaditti waan gurguratanniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Obbo Nuraddin Ahmad H/Usmaan mana jireenyaa Magaalaa Alii ganda 01keessa qaban Lakk. seerii 0248319 Lakk. Kartaa isaa 11/2012 ta'e balli'inni lafa 500M² irratti argamu Obbo Sulxaan Ahmad H/Usmaanitti gurguratanii jijjiirran maqaa akka raawwatamuuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 duraa yoo hin dhiyaatiin jijjiirraa maqaa kan raawwanuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Alii.

Obbo Shifaraaw Girmaa Alamuu mana jireenyaa Magaalaa Alii ganda 01keessa qaban Lakk. seerii 0487636 Lakk. Kartaa isaa 252/2013 ta'e balli'inni lafa 600M² qaban irraa 200M² Waldaa Afooshaa Maaramii MagAalaa Aliitti gurguratanii jijjiirran maqaa akka raawwatamuuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 duraa yoo hin dhiyaatiin jijjiirraa maqaa kan raawwanuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Alii.

Gujii

Obbo Tasammaa Mallasee Ruudaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa isaa 276.4M² ta'e irratti argamu karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Geedoo Dhaddachaatiin dabarsanii Obbo Gadaa Oddootti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwanuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Tsaggaaza'aab Takileeffaa N-6 mana Daldalaa Magaalaa Nageellee ganda 03 keessatti argamu Lakk. Saayit pilaanii 2287/BMN/01/01/01 ta'e ballinnisaa M²1443.4 ta'e irraa kutee lafa kaaree meetira 29.75 irratti argamu Obbo Mulaalam Taaddasaatti Kaaree meeetira 61.75 ta'e Obbo Wandiyifraawu Abarraatti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu yoo dhiyaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee.

Obbo Tsagaza'aab Takileeffaa N-6 mana Daldalaa Magaalaa Nageellee ganda 03 keessatti argamu Lakk. Saayit pilaanii 2287/BMN/01/01/01 ta'e ballinnisaa M²1443.4 ta'e irraa kutee suuqii lafa kaaree meetira 55.38 irratti argamu Obbo Eermiyaas Faantahuun Yimaamitti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu yoo dhiyaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee.

Aadde Immabeet Laaqewufi N-6 mana jireenyaa Lakk.isaa AW/GQE/ ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana daldalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Qilxaa eebba keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 425 irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 6598/2015 ta'e Aadde Fireehiwoot Axilaabechawutti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Aadde Mastawaat Axinaafee mana jireenyaa Lakk.isaa AW/God/255 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odoo Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 248 irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 2811/12 ta'e Aadde Woyinisheet Tafarraatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Addis Bisiraat mana jireenyaa Lakk.isaa B25-840 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Q/Eebba keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 163.12M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 240/09 ta'e Hashim Badiruu Mahaammadiitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Birhaanuu Yohaannis mana jireenyaa Lakk.isaa OR043010501015 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 4168/13 ta'e Araarsee Guutamaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Aadde Gannat Alamaayyoo mana jireenyaa Lakk.isaa B15-003 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Q/Dooolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 5086/14 ta'e Obbo Abbush Bariisoo Jaarsootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Tasfaayee Abbabaa mana jireenyaa Lakk.isaa AW/Gid/27/02 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 4047/13 ta'e Obbo Mahaarii Yeeyiisitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Habtaamu Alamaayoo Simanyii mana jireenyaa Lakk.isaa AW/GID/23/001 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 250M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 2411/2014 ta'e Obbo Amaanu'eel Awwaqaa Engidaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Alamuu Xilaahuun mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa isaa 190.9M² irratti argamu dabarsanii Obbo Biiniyaam Abbabaatii gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Liidiyaa Nagaasaa mana jireenyaa Lakk.isaa AW/GID/168/09 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 3280/2012 ta'e Obbo Gammadaa Dhugoo Halakaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Aadde Naazraawit Nagaasaa mana jireenyaa Lakk.isaa AW/GID/168/01 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 3275/2012 ta'e Obbo Gammadaa Dhugoo Halakaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Adaana Waggaasoo Minaamoofi Aadde Abaayinashi Anjaa mana Jireenyaa Magaalaa Nageellee ganda 03 keessatti argamu Lakk. Saayit pilaanii 1617/BMN/01/01/01 ta'e ballinnisaa 176M² irratti argamu Obbo Hayilagabri'eel Gazzaahanyitti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu yoo dhiyaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee.

Aaddee Birtuukan Andargachoo mana daldalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa isaa 140M² irratti argamu dabarsanii Aadde Liyaa Andargachootii kennee jira jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aaddee Kibreworqi Bayyaana mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa isaa 143.5M² irratti argamu dabarsanii Biruuk Bayyanaatiif kennee jira jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Simirat Zimyibaluu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa isaa 176M² irratti argamu dabarsanii Aaddee Sabilee Zimyibaluutiif kennee jira jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Iluu Abbaa Boor

Obbo Indaalkaachoo Asaffaa kan Jedhaman Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Noonnoo Sallee Ganda Kuphii iddoo Kuraa jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa Dhagaa Cilee akka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji`ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojii 7 keessatti barreeffamaan Abbaa Taayitaa keenyaa akka dhiyeessitan ni beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	740881	877712
2	741211	878448
3	739785	879249
4	739817	878388

Abbaa Tayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa

Obbo Asinaaqee Zagayyee mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaa qaban Obbo Taadalee Abaateetti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, beeksifni guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa A/Yaayyoo.

Obbo Bafiqaaduu Bultii waan du'aniif mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu 1ffaa Aadde Soofiyaa Huseen 2ffaa Aadde Naafqoot Bafiqaaduu 3ffaa Obbo Fireewu Bafiqaduu 4ffaa Obbo Taamiraati Bafiqaaduu 5ffaa Aadde Hawwii Bafiqaaduu kan jedhaman dhaaltota sadarkaa duraa ta'uu keenya mana murtiitiin waan mirkaneeffanneef jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Toofiiq Barqadaa fi Aadde Abbabech Yaadataa mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qoolloo Kormaa keessaa qaban Lakk.Kaartaa 678/03/2007 ta'e maqaa Obbo Toofiiq Barqadaatiin galmaa'ee lafa bali'inni isaa 500M^2 irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddoo 2ffaa tajaajila iddoo EA ta`e irraa hiri'ifamee 200M^2 ta'e Obbo Nugusuu Dassaalenyi Wadaajootti gurguranneerra. waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Muluusaw Darajjee Dastaa mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Sayyaa keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa`ee jiru Lakk.Kaartaa isaa 435/01/2008 ta'een galmaa'ee lafa bali'inni isaa 250M$^2$ irratti ijaaramee argamu sadarkaa 2ffaa tajaajila iddoo BA ta`e Waldaa Interpiraazii Mayiikiroo Xixiqaa Taaddaluu, Toleeraafi Hiryoota isaaniitti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Wasanee Daamxoofi Obbo Tasfaayee G/Mikaa'eel mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qolloo Kormaa keessaa qaban maqaa Aadde Wasanee Daamxootiin galmaa`ee jiru Lakk.Kaartaa 4045/03/2015 ta'een galmaa'ee lafa bali'inni isaa 200M$^2$ irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddoo 2ffaa tajaajila iddoo $R_1$ ta`e Obbo Mulugeeta Mollaatti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Xibabuu Abaateefi Aadde Faanayee Disaasaa mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa`ee jiru Lakk.Kaartaa 4039/01/2015 ta'een galmaa'ee lafa bali'inni isaa 160M$^2$ irratti ijaaramee argamu sadarkaa 2ffaa tajaajila iddoo $R_2$ ta`e Abdullaaxiif Nagaashitti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Habtaamuu Takilee mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda A/Molee keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa`ee jiru Lakk.Kaartaa 400/02/2011 ta'een galmaa'ee lafa bali'inni isaa 200M$^2$ irratti ijaaramee argamu sadarkaa 2ffaa tajaajila iddoo MJ ta`e karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Nuraddiin Shariifiitiin Obbo Muddiin Shariifitti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Alamu Baqqalaafi Aadde Fitsum Eeliyaas mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda 03 (Taboo) keessaa qaban maqaa Obbo Alamu Baqqalaatiin galmaa`ee jiru Lakk.Kaartaa 3458/03/2013 ta'een galmaa'ee lafa bali'inni isaa 200M$^2$ irratti ijaaramee argamu sadarkaa 2ffaa tajaajila iddoo EA ta`e Aadde Romaan Tamasgeenitti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Sharafee Margaa Mana jireenyaa ta'e balbala tokko magaalaa Dambii ganda 01 zoonii Abdii Borii keessaa qabanu Mucaa isaanii Dargagoo Haafiz Kadiriif kennaadhaan argadheera jedaniiru. kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Dhidheessaa.

Obbo Buusaa Nagawoofi Aadde Faanosee Gabayyoo mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Saayyaa keessaa qaban maqaa Obbo Buusaa Nagawootiin galmaa`ee jiru Lakk.Kaartaa 2782/01/2011 ta'een galmaa'ee lafa bali'inni isaa 200M$^2$ irratti ijaaramee argamu sadarkaa 2ffaa tajaajila iddoo $R_1$ ta`e karaa Bakka bu'aa isaanii Obbo Muktar Ahimediitiin Obbo Taammaanee Danuutti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Xilaahuun Admasuu mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa`ee jiru Lakk.Kaartaa 3986/01/2015 ta'een galmaa'ee lafa bali'inni isaa 160M$^2$ irratti ijaaramee argamu sadarkaa 2ffaa tajaajila iddoo $R_2$ ta`e Yewalaashet Xilaahuuniifi Obbo Huseenhawii Muusaatiif kenneeraaf waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Aziizaa Ismaa'eelfi Obbo Zaakir Isma'eel mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Molee keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa`ee jiru Lakk.Kaartaa 4017/02/2015 ta'een galmaa'ee lafa bali'inni isaa 200M$^2$ irratti ijaaramee argamu sadarkaa 2ffaa tajaajila iddoo $R_1$ ta`e Obbo Mahaammad Bushuraatti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Muusaa Abbaa Olii Mana jireenyaa lakk. kaartaa isaa 0301250 ta'e balbala tokko magaalaa Dambii ganda 01 Zoonii Lalistuu keessaa qabanu Obbo Awwal Abbaa Simboottii gurguradheera jedaniiru. kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Dhidheessaa.

Obbo Fantayyoo Tasfaa Zallaqee Magaalaa Beddellee ganda Qumbaabee 01keessaatti argamu qabeenyaa hin sochoone mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa 352/BM-5/2-06 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa -- irratti argamu karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Tasfaa Zallaqee Nigaatuuttin Aadde Tsahaay Araggaatti gurgurachuuf iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e gurgurtaa kanaa kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Bulchiinsaa Lafa A/Cooraa.

Qes/Ayimiree Daanyawu Magaalaa Qumbaabee ganda 01 keessaatti argamu qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 00410 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa -- irratti argamu Aadde Rakaa'ib Nuuruu Bashiritti gurgurachuuf iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e gurgurtaa kanaa kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Bulchiinsaa Lafa A/Cooraa.

Obbo Muccee Indaalee mana jireenyaa Magalaa Hurrummuu Zoonii **Bilbila** Ganda 01 keessatti lafa bali'ina isaa 500M^2 irratti argamu Obbo Wandimmuu Yeshawutti gurguredheera waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Aanaa Hurrummuu.

Obbo Redewan Musaa mana Jireenyaa Magaalaa Nophaa ganda 01 keessatti Lakk. kaartaa isaa KP/0057/2015 fi Serial Number 0041811 maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu bali'ina lafa 200M^2 irratti argamu Aadde Tibbarek Yohaanisitti gurguradha waan jedhaniif namni mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kun kan heeyyamaamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Aanaa Biloo Nophaa.

Aadde Mittikee Huseen mana Jireenyaa Magaalaa Nophaa ganda 01 keessatti Lakk. kaartaa isaa KP/0055/2014 fi Serial Number 0041796 maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu bali'ina lafa 160M^2 irratti argamu Obbo Garramu Firrisaatti gurguradha waan jedhaniif namni mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kun kan heeyyamaamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Aanaa Biloo Nophaa.

Obbo Isxifaanos Tsaggaayee mana Jireenyaa Magaalaa Nophaa ganda 01 keessatti Lakk. kaartaa isaa KP/0001/2010 fi Serial Number 004730 maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu bali'ina lafa 200M^2 iratti argamu Obbo Misganuu Hayiluutti gurguradha waan jedhaniif namni mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kun kan heeyyamaamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Aanaa Biloo Nophaa.

Obbo Kaalifaa Mahaammad mana Jireenyaa Magaalaa Nophaa ganda 01 keessatti Lakk. kaartaa isaa KP/0069/2015 fi Serial Number 0041813 maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu bali'ina lafa 200M^2 iratti argamu Obbo Tsaggaayee Guddattaatti gurguradha waan jedhaniif namni mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kun kan heeyyamaamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Aanaa Biloo Nophaa.

Obbo Balaachoo Ayyanaa mana jireenyaa balbala tokko Magaalaa Bachoo ganda 01 keessatti Lakk.kaartaa isaa 385/2015 ta'e,bali`ina lafaa 200M^2 irratti ijaaramee jiru Obbo Takkaalinyi Mirkanaatti waan gurguataniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Bachoo.

Obbo Isheetuu Alamuu mana jireenyaa balbala tokko Magaalaa Bachoo ganda 01keessatti Lakk.kaartaa isaa 386/2015 ta'e,bali`ina lafaa 200M^2 irratti ijaaramee jiru Obbo juhuuruu Muhaamaditti waan gurguataniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Bachoo.

Bakka bu'aa Obbo Mogos Immiruu kan ta'an Obbo Kadiir Ahimed Ibraahim, Obbo Isaayyaas Allabbaachoo Jambareef bakka bu'insa kennan bu'uura godhachuudhaan Obbo Isaayyaas Allabbaachoo mana magaalaa Qumbaabee ganda 01 keessatti maqaa Obbo Mogos Immiruun galmaa'ee argamu lakk. kaartaasaa 00329 ta'e Aadde Faasikaa Waaseetti nan gurgura jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtichi kan raawwatamu ta'uu beeksifna.WBIFLM Aanaa Cooraa

---

Jimmaa

Obbo Mohaammad Kamaal kan Jedhaman Godina Jimmaa Aanaa Sokorruu Ganda Adaamii Baddeeyyii iddoo Gogguu jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa Dhagaa Cilee "coal' akka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji`ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojii 7 keessatti barreeffamaan Abbaa Taayitaa keenyaa akka dhiyeessitan ni beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	336530	902368
2	335438	902346
3	335196	901422
4	336475	901298

Abbaa Tayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa

Obbo Najaash Olii Habiib kan Jedhaman Godina Jimmaa Aanaa Botor Xoollay Ganda Laga Botor iddoo addaa Laga Gibee jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa Dhagaa Cilee akka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji`ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojii 7 keessatti barreeffamaan Abbaa Taayitaa keenyaa akka dhiyeessitan ni beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	323881	924407
2	322964	924973
3	323948	925942
4	324820	925205

Abbaa Tayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa

Obbo Alamaayyoo Ataroo Ayimaloo waliigaltee liizii Lakk. 3335 kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda Bachoo Booree keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

Muuxannoo

Masarat Amanaa

Yaadrimee turiizimiifi misooma turiizimii Oromiyaa



Kabajamtoota dubbistoota keenya dameen tuurizimii seektera saffisaan guddachaa jiruudha. Dameen dinagdee tajaajilaa kun "industirii aara maleessa" jedhamuunis ni waamama. Naannoon Oromiyaa immoo bakkeewwan hawwata tuurizimiif oolan hedduu qabdi. Dhimma kanarratti mata duree "Yaadrimee tuuriizimiifi misooma tuuriizimii Oromiyaa" jedhuun barreeffamoota hubanoo kennaniifi sochii tuurizimii Oromiyaa mul'isan barreeffama muuxannoo kanaan isiniif dhiyeessina.

Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti Jaarmiyaan Tuurizimii Addunyaa akka ibsutti tuurizimiin dhimma hawaasummaa, aadaafi dinagdeef namoonni biyya ykn naannoosaanii isa barameen ala bakka biraatti kaayyoo dhuunfaa ykn daldala /ogummaaf/ sochii godhaniidha. Kanaaf bu'uurri tuurizimii sochii uummataati jechuudha. Sochii namoonni daawwannaaf, bashannanuuf, muuxannoo horachuuf bakka tokkorraa bakka biraatti taasisan jechuudha.

Itti dabaluunis dhaabbatichi tuurizimii jechuun imala namoonni sababoota adda addaatiif yeroo sa'aa 24 hanga waggaa tokkoo hincaalleef iddoo jiraatanirraa iddoo biraatti taasisanidha. Kaayyoon imalli itti taasifamus, dhimmoota daawwannaa aadaa, hawaasummaa, dinagdee, dhuunfaa, amantaa, bashannana, boqonnaa, daldala, ispoortiifi kan kana fakkaataniif ta'uu danda'a. Imaltoonni dhimma tuurizimiitiif naannoo jiraatanirraa gara biraa deeman kunneen tuuristii ykn daawwattoota jedhamu.

Walakkaa jaarraa 20ffaa irraa eegalee tuurizimiin tarkaanfii guddinaa hin daangofne keessa seenee ture. Madda dinagdee biyyootaas ta'eera. Biyyoonni dursani irratti dammaqanii daldalaaf oolfatan yeroo ammaa madda galii keessoofi alaa godhatanii jiru. Tuuristoonnis gara biyyoota hawwata turizimii qabaniitti imalu. Imalli tuuristootaa kunis kaayyoo adda addaa qabaata. Fakkeenyaaf, biyya keenyatti imalli bakkeewwan amantaatti akkasumas daldalaaf iddoo tokkorraa gara biraatti taasifamu jaarraa baay'ee kan lakkoofsiseedha.

Haata'u malee, Itoophiyaa keessatti tuurizimiin ammayyaa akka induustirii galii maddisiisu tokkootti kan hubatame bara Mootii Hayila Sillaasee, 1939tti ture. Tuurizimiin industirii aara hin qabneefi galii guddaa maddisiisuudha. Seektara carraa hojii bal'aa al tokkotti dameelee hedduuf uumuu danda'udha. Fakkeenyaaf, namni yoo imalu geejjiba, nyaata, bakka ciisichaa, dhugaatii, uffata, qulqullinaafi kkf hunda kan fayyadamuudha. Kunimmoo hawaasa bal'aa fayyadamaa taasisuu danda'a jechuudha.

Muuxannoo sochii tuurizimii biyyoota muraasaa:

Muuxannoofi sochii tuurizimii biyyoota biroo keessattuu biyyoota Afrikaafi gumaacha inni GDP isaanii keessatti qabu ilaaluu dandeenya. Kunis biyyi keenya Itoophiyaafi Naannnoon keenya muuxannoo biyyoota kanneenii babal'isuun industirii aara maleessa kana misoomsuufi ammayyeessuun guddina keenya akka ariifachiifnuufi.

Biyyi Kaabaa Afrikaatti argamtu Tuuniziyaan Afrikaa keessa biyya tuuristoota idil-addunyaa hedduun daawwatamtuufi sadarkaa tokkoffaarratti argamtudha. Bara 2021tti namoonni miiliyoona 2.48 Tuuniziyaa daawwataniiru. Afrikaan Kibbaafi Keeniyaan naannoo miiliyoona 2.26 fi kuma 870 simattee keessummeessiteetti.

Tuuniziyaan galii tuurizimiitiin addunyaarraa sadarkaa 5ffaa irratti argamti; Kunis tilmaamaan Doolaara Ameerikaa biiliyoona 10.3 ta'a. Gama kanaan Masrii, Morookoo, Afrikaa Kibbaafi Sudaan kan mo'atte yoo ta'u, isaanis galii tuuristii idil-addunyaa walduraa duubaan naannoo Doolaara Ameerikaa biiliyoona 8.9, biiliyoona 3.81, biiliyoona 2.11fi biiliyoona 1.08 argataniiru.

Akka addunyaatti gumaacha waliigalaa imalaafi tuurizimiin GDP keessatti qabu yeroo ilaallu Ameerikaafi Chaayinaan sadarkaa addunyatti olka'anii mul'atu. Haata'u malee, weerarri dhibee COVID-19 bara 2020 fi 2021tti induustiriiwwan kanneen akka malee waan miidheef, gumaachi imalaafi turizimii biyyoota lamaanii GDP biyya isaanii keessatti bara 2019 waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu haalaan gadi bu'uu gabaasan. Walumaagalatti, induustiriiwwan imalaafi turizimii U.S. keessatti bara 2021tti Doolaara Ameerikaa tiriiliyoona 1.27 gumaachaniiru. Chaayinaan ammoo sadarkaa addunyaatti lammaffaa irratti yoo argamtu, doolaara Ameerikaa biiliyoona 814 argatteetti.

Egaa yeroo ammaa industiriin tuurizimiifi imalaa biyyoota hedduuf madda qabeenyaafi guddinaa ta'ee jira. Kun ammoo ta'uu kan danda'e qabeenya uumamaafi namtochee akkasumas hambaalee kunuunsuufi misoomsuun sirnaan itti fayyadamuu waan danda'aniifi.

Qabeenyi turizimiin irratti bu'uurame kan uumamaafi aadaa waan ta'eef, salphaatti miidhamuufi balaaf saaxilamuu danda'a. Kanaafuu, qooda fudhattoonnis kaka'umsa, fedhiifi kaayyoo wal faana deemu dhabuu danda'u. Kunis damichi haala wal xaxaaf kan saaxilame isa taasisa. Waan ta'eef, hawaasa naannoo turizimiin itti argamu hubachiisuu, barsiisuu akkasumas qabeenyicharraa fayyadamaa akka ta'u gochuun dirqama ta'a.

Itti fufa

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti

Dinagdee
Olbaanaa Xomboraa

Raawwii hojii dameelee dinagdee Naannoo Oromiyaa ji'oota ja'aa bara 2015

(Gabaasa walga'ii idilee 4ffaa waggaa 2ffaa bara hojii Caffee 6ffaaf kan dhiyaate)

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Guraandhala 23 bara 2015 maxxanfamerraa kan itti fufe

Raawwii hojii dame dinagdee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Adoolessa 1 bara 2014 hanga Mudde 30 bara 2015tti jiru kan yaa'ii Caffeef dhiyaate maxxansoota walitti aansanii jiran lamarratti dhiheessuun keenya ni yaadatama. Dhimmoota muraasa hafan damicha waliin walitti hidhaminsa qaban ammoo akkaataa itti aanutti dhiheessineerra.

Misooma magaalaa

Magaalonni giddugala misoomaafi jiraattotaaf mijataa akka ta'an gochuuf pilaaniin magaalaa murteessaa akka ta'e ni beekama. Bu'uuruma kanaan magaalonni naannichaa pilaanii ammayyaa ta'e hojiirra oolchuun qabeenya lafaa qusannoodhaan fayyadamanii misooma magaalaa amansiisaafi itti fufinsa qabu akka mirkaneessan gochuuf hojiin qorannoofi qophii pilaanii gosa adda addaa hojjetamaa tureen kaartaa bu'uuraa 53 (%106), pilaanii bu'uuraa 32 (%100), pilaanii misooma qe'ee 14 (%73.6), giddugaleessa guddina baadiyyaa 46 (%90.2) akkasumas pilaanii tarsiima'aa 8 (%80), pilaanii caasawaa kan magaalota Afurii giddugaleessaan (%60.5) fi pilaanii saxaxaa giddugaleessaan %47 hojjechuuf karoorfamee %48 raawwatameera.

Magaalota keenya keessatti bajataa mootummaa, liqii Baankii Addunyaarraa argameefi hirmaannaa ummataatiin bu'uuraalee misoomaa faayidaa olaanaa qaban 4,560 ijaarsisaanii kan jalqabame yommuu ta'u; hanga ammaattis piroojektoota 1,062 xumuruun danda'ameera. Hojii bu'uuraalee misoomaa babal'isuu kana keessatti hawaasni humnaan, meeshaaleefi maallaqa callaa waliigala qar.Bil.1.5tti tilmaamamu gumaacheera.

Lammiilee sarara hiyyummaatii gadi jiran sochii misoomaa taasifamaa jiru keessatti fayyadamaa akka ta'an gochuun walqabatee; magaalota 30 keessatti marsaa 1ffaatiin fayyadamtoota misoomaafi deggersa kallattii waliigalaan namoota kuma 68.7 fayyadamaa gochuun qar.mil.178.1 kan kaffalame yommuu ta'u, fayyadamtoonni misoomaa kunneen qarshii kaffalamu keessaa %20 qar.mil.30.8 (%89.9) akka qusatan taasifameera.

Misooma daandiifi geejjibaa

Gama misooma daandiitiin ji'oottan jahan darban keessatti qorannoofi dizaayinii sarara daandiilee 11fi riqaalee 10 giddugaleessaan %11.6 raawwachuuf karoorfamee % 8.16 raawwachuun kan danda'ame yammuu ta'u; ijaarsa asfaaltii magaalota sadii giddugaleessaan km 4.7 hojjechuuf karoorfamee km 1.4 akkasumas; daandii cirrachaa toora 19 irratti km 39 hojjechuun karoora hanga kurmaana 2ffaatti qabamerraa %66 milkeessuun danda'ameera.

Gama Sagantaa Waliingahinsa Daandii Baadiyyaatiin daandii km 630 hojjechuuf karoorfamee km 373.3 (%59) kan hojjetame yommuu ta'u; riqaalee 227 giddugaleessaan %32.7 raawwachuuf karoorfamee %11.6 hojjechuun danda'ameera. Akkasumas; bulchiinsa qabeenya daandiitiin walqabatee daandii km 2,841.6 suphuuf karoorfamee km 2,060 (%72.5) suphuun danda'ameera.

Sochii hanga ammaatti taasifameen riqaalee 9fi daandilee sagantaa waliingahinsa daandii baadiyyaatiin hojjetaman 15 xumuramanii tajaajilaaf kan banaman yommuu ta'u, waliigalatti daandii km 414 dabaluun qabeenya daandii naannoo keenyaa gara km 59,395tti guddisuun danda'amee jira.

Ijaarsa bu'uuraalee geejjibaafi loojistiksii waliin walqabatee piroojektoota buufata konkolaataa 10fi dirree xiyyaara xiqqaa 1 giddugaleessaan %16.1 hojjechuuf karoorfamee %18.2 (%113.4) hojjechuun danda'ameera.

Tajaajila geejjibaa mijataafi si'ataa ta'e dhiyeessuuf sochii taasifamaa tureen; sarara bobbii haaraa 32 (%82) fi bobbii bilisaa 38 (%95) kan banaman yommuu ta'u, hayyama ooppireetarummaa konkolaataa deddeebisa ummataa haaraa 1,519 (%100)fi haaromsuu 9,461 (%97) kennuun danda'ameera.

Gahumsa konkolaataa mirkaneessuuf hojii hojjetamaa tureen; hayyama gahumsa konkolaachisummaa haaraa kuma 62.9 (%94.7)fi haaromsa kuma 90.9 (%72.7) kan kenname yommuu ta'u, hayyamaa dhaabbilee leenjii konkolaachisummaa haaraa 12 (%80) kennuufi hayyamaa 208 (%90) haareessuun danda'ameera.

Lammiilee balaa tiraafikaarraa baraaruufi mancaatii qabeenyaa balaa kanaan dhufu hir'isuun nageenya tiraafikaa mirkneessuuf hojii hojjetamaa tureen; balaan waliigalaa %35n, du'aatiin namaa %28n kan hir'ate ta'us; mancaatiin qabeenyaa garuu %356n dabalee jira.

Nageenya tiraafikaa mirkaneessuuf hojii hojjetamaa tureen balaa waliigalaa qaqqabaa jiruufi du'aatii namaa hir'isuurratti akka jalqabbii gaariitti fudhachuun kan danda'amu yoo ta'es; rakkoo hawaas-dinagdee sababa balaa kanaan dhufu karaa hiikoo qabuun hir'isuuf tumsa qaamolee hundaa kan barbaadu ta'uun hubatamuu qaba.

Misooma turiizimii

Damee turiizimii utubaa dinagdee naannoo keenyaa cimaa taasisuuf hojii hojjetamaa jiruun qabeenyaafi iddoowwan ga'umsa tuuristii misoomsuufi beeksisuun bu'aawwan abdachiisoo ta'an kan galmaa'aa jiran yommuu ta'u, ji'oottan jahan darban keessattis yaa'insa tuuristii biyya keessaa mil.7.2 (%90.1)fi kan biyya alaa kuma 62.5 (%83.3) irraa walduraaduubaan galii qar.bil.7.2 (%90) fi qar.mil.375 (%83.3) argamsiisuun danda'mee jira.

Dhaabbilee misoomaa mootummaa

Dhaabbileen misoomaa mootummaa imaammataafi tarsiimoo mootummaa hordofuun qaawwa hanqinni gabaa uumu guutu, rakkoo cancala gabaa keessatti uumamu furuufi gatii gabaa tasgabbeessuu, akkasumas fayyadamummaa hawaasa naannichaa mirkaneessuun guddina hawaas-dinagdee keessatti tumsa olaanaa taasisaa jiru.

Haaluma kanaan yeroo ammaa dhaabbileen misoomaa guutumaan guutuutti kan mootummaa ta'an 6, kan mootummaan qooda guddaa keessaa qabu 28fi kan mootummaan qooda xiqqaa keessaa qabu 22 akka waliigalaatti dhaabbilee misoomaa mootummaa 56 kaappitaala qar.bil.63.1n hundeeffamanii hojjechaa jiru.

Ji'oottan jahan darban keessattis sochii dhaabbileen kunneeniin taasifameen waliigalaan qar.bil.22.34 raawwachuuf karoorfame keessa qar.bil.9.36 (%42) raawwachuun kan danda'ame yommuu ta'u; galii waliigalaa argame kanarraas tilmaama bu'aa qr.bil 2.28 argamuun akka danda'u kan mul'isudha.

Sassaabbii galii

Mul'ata Oromiyaa badhaate ijaaruuf qabame milkeesuuf dandeettii galii maddisiisuu naannoo keenyaa qorachuudhaan galii dinagdee naannootiin walmadaalu sassaabuuf xiyyeeffannaan hojjetamaa kan jiru yommuu ta'u, bara bajataa 2015tti galii idilee qarshii bil.61.5, galii mana qopheessaa bil.10.39fi galii keessoo bil.6.82 waliigalaan qar.bil.78.71 sassaabuuf xiyyeeffatamee hojjetamaa tureera. Haaluma kanaan ji'oottan jahan darban keessatti galii idilee qarshii bil.34.08, mana qopheessaa qarshii bil.5.03fi galii keessoo qar.bil.3.14; waliigalaan qarshii bil.42.25 walitti qabuuf karoorfamee akkaatuma walduraaduubaasaaniitiin galii idilee qar.bil 31.37 (%92.1), galii mana qopheessaa qar.bil.5.73 (%114), galii keessoo bil.1.86fi waliigalaan qar.bil.38.96 (%92.2) walitti qabuun danda'ameera.

Raawwiin sassaabbii galii kun kan bara darbee yeroo walfakkaatuun yommuu wal bira qabamee ilaalamu galiin idilee qar.bil. 9.9 (%46.6)fi galiin mana qopheessaa qar.bil.2.3 (%68) waliigalaan raawwii bara darbee yeroo walfakkaatuu qarshii bil.12.3 ykn %46n caalmaa qaba. Raawwii kana keessatti caasaaleen sadarkaan jiran, miseensonni Caffeefi kaffaltoonni gibiraa milkaa'ina sassaabbii gibiraa kanaaf gumaachaniiru.

Fayyadaminsa bajataa

Bara bajataa 2015 kana keessatti bajata naannoo Caffeen mirkanaa'e qar.bil.158.63 keessaa ji'oottan jahan darban keessatti hojiiwwan adda addaatiif bajanni marmaartuu sadarkaa Naannootti qar.bil.13.4 (%93.4), kaappitaalaa qar.bil.7.2 (%70.2), sagantaa misooma ittifufinsaa qar.bil.1.19(%67.3), kan aanaaleefi magaalotaa qar.bil.26.27 (%96.6) waliigalaan qar. bil.48.75 (%90.9) hojiirra oolchuun danda'ameera.

Mootummaan naannoo Oromiyaa haala qabatamaa rakkoolee adda addaa nu quunnamaa jiraniin bajata murtaa'aa jiru karaa qusannaafi of eeggannoo qabuun hojiirra oolchuuf yaaliin taasise gaarii jedhamee kan fudhatamuu danda'u yoo ta'es, fedhiin misoomaa ummanni keenya gama hundaan qabu immoo sadarkaa hundattuu olaanaadha.

Kenna tajaajila lammummaa

Hojii kenna tajaajila lammummaatiif xiyyeeffannoo guddaan kennamee hojii hojjetamaa jiruun; ji'oottan jahan darbanitti kenna tajaajila lammummaa gosoota garaagaraatiin tilmaama qar.bil.50.19 raawwachuuf karoorfamee qar.bil.50.56 (%100.7)tti tilmaamamu raawwachuun danda'ameera.

Mootummaan rakkoolee namtolcheefi uumamaa garaagaraa quunnamaa turan keessa ta'uun raawwiin galmeessise olaanaa jedhamee kan fudhatamuu danda'udha. Kanaafuu karoora imala badhaadhinaa karoorfanne sadarkaa barbaadamuun milkeessuuf tokkummaa keenya cimisachuudhaan yeroowwan hafan keessatti gaaffii uummanni kaasu jala jalaan deebisuun kan danda'amu ta'uun ni amanama.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Obbo Abbabaa Bayyanaa Lakk.kaartaa Hinsochoone 2140/2009 ta'eefi Lakk. Waliigaltee Liizii 1801-JSA tajaajila mana jireenyaa kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda M/Qocii keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, ragaalee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Aadde Almaaz Biradaa waliigaltee liizii Lakk. 3694 kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda B/A/Katamaa keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, Waliigaltee Liizii kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Aaddee Mikiyaa Ibraahim Ahimad Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Koodii addaa cittuu Lafaa OR004062708014fi lakkoofsa Galmee 21102608 kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Yasiin Ahimad Lakk.kaartaa Hinsochoone 2562 tajaajila mana jireenyaa kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda Ginjoo keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Girmaa Abbabaa Teessoo Lakk. kaartaa lafa Duwwaa 8152/98 tajaajila mana jireenyaa kan ta'e maqaa isaaniitiin ganda M/Qocii keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Hafiiz A/Diggaa A/Bulguu Lakk.kaartaa Hinsochoone 2836/2010 tajaajila mana jireenyaa kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda Ginjoo keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo A/Tamaam A/Goduu A/Simboo qabeenya dhuunfaa isaanii mana jireenyaa Magaalaa Aggaaroo ganda Tamsa'aa Jiddaa keessa maqaa ishiitiin galmaa'ee argamu ilma isaanii Obbo Nasraddiin A/Tamaam A/Goduuf kenneraa jedhaniiru. kanaafuu Obbo Nasraaddin A/Tamaam A/Goduu Qaamaa biraatiif yookaan Aadde Burtuukaan Abdulqaadiriif waan kennaa jiranuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aggaaroo

---

Obbo Abduljabbaar Kadiir Muusaa Lakk. Kaartaa Lafa Duwwaa 0803/99 kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda Ginjoo keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Shawaa

The Aanaa Ejersa Lafo Administration Office now invite eligible bidders for the construction of G+3 TerminatedBuildingOffice.

Oromia Regional state, Aanaa EjersaLafoAdministration Officereceived a budget fromOromia Regional statetowards the constructionof G+3 Terminated Building OfficeBuilding in Olonkomi town with in two consecutive budget years(2015-2016E.C.)

1. Aanaa EjersaLafoAdministration Office now invites all contractors of category general or building contractors of BC-5/GC-5 & above with renewed their license for the year 2015 E.C for **furnishing** the necessary labor, material, equipment & service for the construction of Aanaa EjersaLafoAdministration Office G+3 TerminattedBuilding Office
2. Bidding documents may be purchased at the office of Aanaa EjersaLafoFinaance Officeup on submission of written application and a non refundable fee of birr 1000(One thousand) in cash starting from**first date notice viewed on news paper during office hours through Monday to Friday. Bidder should deposit 1000 (one thousand) birr**to Commercial bank Account of 1000169512438 of Aanaa EjersaLafoFinaance Office**and bring** the receipt of bank toAanaa EjersaLafoFinaance Office**to buy the bidding documents.**A bidder has to be registered to collect "VAT" and TIN registration certificate, valid trade license and valid registration certificate with ministry of construction or Oromia construction Authority, must be submitted attached with the application.
3. Bidders may obtain further information, inspect and acquire the bidding documents, from the above mentioned Finance Office
4. All bids must be accompanied by a bid security in form of cash of 250,000 (two hundred fiftythousand) birr valid for 120 days starting from the date of bid opining, The 250,000 birr for the bid security must be deposited to Commercial bank Account of 1000169512438 of Aanaa EjersaLafoFinaance Office**.** The Original receipt of bank (CBE)must be put in theoriginal technical document and Failure **to do this will result in automatic rejection.**
5. Bidding will be conducted in accordance with the open national tendering procedures contained in the public procurement proclamation of the federal democratic republic of Ethiopia and is open to all eligible bidders i.e. (two stages: the first stage is preliminary and technical evaluation& the second stages is :- preliminary and financial evaluation).
6. A complete set of bidding document in English may be purchased by interested bidders up on submission of Written Application, VAT registration Certificate, MinistryofConstructionor OromiaConstructionBureau, Renewed Registration Certificate, Renewed TraderegistrationCertificate, Renewed Trade License, Taxpayerregistration Certificate andtax Clearance from Authorized body and registration in the FPPA's to the address stated below and up on payment of a non-refundable fee of Ethiopian birr 1000(One thousand) to the above mentioned bank Account and bring the receipt to Aanaa EjersaLafoFinaance Officeup to 21st working days and working hoursstarting from the first announcement date on the newspaper during office hours though Monday to Friday.
7. Submission and opining of the bid will be undertaken @Aanaa EjersaLafoFinaance OfficeRoom
   a. The dead line of bid (both technical qualification and financial offers independently) submission shall be on or beforeat 8:00 local time of 22ndWorking days from first announcement dateon the newspaper.
   b. The original and copy of the technical qualification documents shall be placed in a separatesealed envelope marked as "Original **Technical Qualification Document and** Copy of **Technical Qualification Documents** and both envelopes shall be placed in a large outer envelope and sealed. This outer envelope shall bear the submission address and other information indicated in the data sheet and be clearly marked as "TO BE OPENED ONLY IN THE PRESENCE OF TENDER COMMITTEE"
   c. The original and copy of the financial offer documents shall be placed in a separate sealed envelope marked as "**THE FINANCIAL OFFER DOCUMENTS**" and both envelopes shall be placed in a large outer envelope and sealed. This outer envelope shall bear the submission address and other Information indicated on in the data sheet and be clearly marked as "**ToBe Opened Only In The Presence Of Tender Committee".**
   d. The sealing, signing and marking of the bids must be according to guidelines stated under instruction of bidders.
   e. In preparing the bid document bidders are expected to examine the bid data in the tender document.
   f. The technical qualification document will be openedon 22nd Working days from first announcement date @ 8:30 local time
   g. The financial offer document shall remain sealed and deposited in a box prepared for this purpose in the presence of auditor or any other authorized body by the client, until financial offers(S) of qualified bidders are opened publicity.
   h. The committee assigned by the client will evaluate the qualification of the bidders based on the basis of their responsiveness to the bid document, by applying the must meet evaluation criterion, sub criterion assigned in the data sheet. A bidder will be rejected at this stage if it does not respond to tender document or fails to achieve the minimum technical fit indicated in the tender document.
   i. Only financial offers of those bidders who full fillallmust meet Qualifications will be opened on the financial opening date. The financial opening of the bidders who haven't full fill must meet criteria will be returned unopened. The client shall address the financial opening date and time to the bidders.
   j. Any attempts of submission forged (false) document and / or indication of financial offer on the technical qualification document shall result in rejection of the bid.
   k. The client shall not bear and responsibility for misplacement of "Technical Qualification document" in "The Financial Offer Document" envelops or vice versa, which result in rejection of the bidder.
10. . The validity of the bid shall be 90calendardays from the date of bid opening.
11. The construction of the work shall be completed with a maximum of 240**(Two hundred forty)**calendar days from the commencement date of the work &if there is favorable condition (having full budget) the client can minimize the date of completion work.
12. Bidders those have bad termination history or terminate the site due to their problems are not be allowed to participate to this bidding.
13. If the Bidder is currently in possession of the work, he/she shall not be eligible to participate in the Bid unless he/she has reached more than 75% of the work.For this, the bidder shall submit a certificate from the project owner and and latest Payment certificate made.
14. The Aanaa Ejersa Lafo Administration Office have the right to accept or reject bids fully or partially Aanaa Ejersa Lafo Administration Office Olonkomi **For further Information: 0910162043, 0920154959 The Aanaa Ejersa Lafo Administration Office.**

Yeroo dhihootti!

DHIMMA KUMA

Available on the Google Play

Download on the App Store

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda'ama!

Seeraafi Haqa
Taammanaa Gammadaa

Raawwii hojii Waajjira Abbaa Alangaa Godina Shawa Bahaa kan baatii jahaa , 2015

Waajjira Abbaa Alangaa Godina Shawa Bahaa raawwii hojii hanga baatilee jahan darban keessatti raawwatamaa tureen qabeenya mootummaafi ummataa hannarraa hambisuufi tajaajila sirna haqaa mirkaneessuuf hojjetamaa jira.

Bara kana hanga baatiwwan jahan darban keessatti bu'aawwan yeroo giddugaleessaafi yeroo gabaabaa jiraniin raawwiin hojiilees haala qulqullina qabuun milkaa'inoonni hojiilee olaantummaa seeraa mirkaneessan raawwatamaniiru.

Waajjirri abbaa alangaa godinichaas kabaja mirgoota namoomaafi dimokiraasii heera mootummaan taa'e hojiitti hiikuun milkaa'inoota baatiwwan jahan darban kana keessatti karaa guutuun milkeessuuf hojiileen abboogtii alangaa godinichaafi aanaalee jiran waliin haala qindoomina qabuun kan hojjetamaa jiran tahuu dubbatu B/B Itti gaafatamaan Abbaa Alangaa Godina Shawa Bahaa Obbo Fayyee Dhufeeraa.

Bara kana baatiiwwan jahan darbanitti malaammaltummaa ittisuuf hojiilee raawwatamaa turameen fooyyee kan qabu tahuufi ciminoota raawwii hojii keessatti mul'atan adda baasuun ciminoota turan itti fufsiisuufi hanqinoota mul'atanirratti xiyyeeffachuun raawwatamaa turuus dubbataniiru.

Dandeettiifi qulqullina hojiilee abbootii alangaa daran bifa wal-fakkaatuun si'ataafi qaqqabamaa taasisuuf hanga baatilee jahan darban kana keessatti gosa yakkoota adda addaa irratti falmiiwwan raawwii yakkaalee garaagaraarratti olaantummaan seeraa kabachiifamaa jiraachuus dubbataniiru Obbo Fayyeen

Ijaarsa sirna haqaa biyyaa keenyaa mirkaneessuu keessatti akka qaama abbaa alangaa tokkootti shooraa ol'aanaafi tumsa dagaagina sirna haqaa taasisuuf karoora bu'aa irratti xiyyeeffateen hogganamuun abbootiin alangaa godinichaa haqaan haqaaf hojjechaas jiru.

Raawwii karoora hojiilee bara 2014 keessatti raawwatamaa turan qorachuun cimina, hanqinaafi rakkoolee mudataa turan adda baasuun ciminoota argaman haala itti fufsiisuun danda'amuun hanqinaaleefi rakkoolee adda bahaan irrattis,haala bu'uurarraa ittiin hiikuun danda'amu karoora bara 2015 keessatti hammachiisuun karoora bu'aarratti xiyyeeffateen gara hojiitti galameera.

Bu'uuruma kanaan rakkoo gama kenna tajaajilaa abbaa alangummaatiin kennaman irratti godinicha keessatti mul'atu bu'uurarraa furuuf gadi fageenyaan xiinxaluun rakkoo jirurrattis abbootii alangaa aanaalee godinichaa waliin marii taasisuun, haala ciminaalee jiran itti fufsiisaniifi harcaatiiwwaan hojii keessatti mul'atan itti maq-faman irratti walii galuun,gara hojiitti galamuus dubbatu.

Haaluma waliigaltee kanaanis ummanni tajaajila abbaa alangummaan kennamurratti amantaan horatameera kan jedhu arguufis Waajjirri Abbaa Alangaa Godina



Obbo Fayyee Dhufeeraa

Shawaa Bahaa bu'aa giddu galeessa afuriifi (4) bu'aa battalaa kudha sagal (19) qabatee hojiitti galuun kenniinsa tajaajila hawaasa bal'aa biratti haala bu'aa barbaadamuun raawwatamaa jiru.

Aanaalee godinichaa kilaasteraan qooduun hordoffiifi deeggarsi kennamaa turameen, koreen taaksifoorsii kenna tajaajilaa sadarkaa godinaafi aanaaleetti akka cimu gochuun hojii keessa galchuunis danda'ameera.

Istaandardiin kenna tajaajilaafi ulaagaan kenna tajaajilaa iddoo tajaajilamtoonni dubbisuu danda'anitti maxxanfamuun, baajiifi kaardiin dabaree abbaa dhimmaas akka hojiirra ooluu tahuun, chaartariin lammilees kan gareefi hanga hojjetaa dhuunfaatti qophaa'uun ittiin raawwatamaa jiru.

- **Dhaqqabamummaa tajaajila abbaa alangummaa dabaleen:**

Tajaajila deeggarsa seeraa bilisaa karoorri 600 raawwiin 814 Abbaa Alangaan 305, Abukaatoon 32, Yuunivarsiitiidhaan 477, dhimmoonni garaagaraa baatilee walakkaa waggaa kana keessatti raawwatamaniiru.

Qaamni tajaajilli seeraa kennameefis dubartoota harka qalleeyyii, qaama miidhamtoota, maanguddoo humna hinqabneefi daa'immaan abbaafi haadha hinqabneef tajaajilli seeraa kennamaa turaniiru.

Gama itti fayyadama moosaajii yookiin TQOn tajaajilli qorannoo dubartootaafi daa'immaniif mijachuu qaban mijeessuun kallattii agarsiistuu jaha raawwachuuf karoorfaman keessaa shan raawwatamaniiru.

- **Hojii ittisa yakkaa dabaleenis:**

Bu'aa battalaa milkeessuuf dhimmi uwwisa ummata hubannoo seeraa kennuun bira gahamu hojii ijoofi murteessa waan taheef, bara kana ummataaf hubannoo seeraa kennuuf 313,220 karoorfame keessaa namoota 341,157 hubannoo seeraa kennamuun raawwatamaniiru.

Bara kana kallattiiwwan agarsiistuuwwaan waliigalaa raawwachuuf afur (4) karoorfame keessaa agarsiistuuwwan sadii (3) haaluma karoorfameen, galmaan gahamus agarsiistuun tokkos sababa gaaffiin eegumsa seeraa akka taasifamuuf dhiyeesse tokko qofa waantaheef akkaataa karooraatiin raawwatamuu baatus hojiilee itti aanan keessatti kan raawwatamu tahuus dubbatu Obbo Fayyeen.

- **Hojiirra oolmaa seerotaa fooyya'een, kabajamuun mirgoota namoomaas fooyya'een:**

Baay'ina seerotaa manneen hojii mootummaa keessatti hordoffiifi sakatta'insa hojiirra oolmaa seerota rratti taasifameen, hojiileen fakkeenyummaa qaban hedduun naannicha keessatti raawwatamaniiru.

Hojimaata seektera mootummaa keessatti seeraan wal-faalleessan xiinxaluun kallattiin furmaataa akeekameen, qo'annoofi qorannoo seerotaafi hojimaataa kurmaana lamaan darbe keessa gaggeeffameen hojiileen karooraan wal-siman raawwatamaniiru.

Godinicha keessatti namoota seeraan ala to'ataman %20'n hir'isuuf karoorfamee raawwatamaa kan ture yoo ta'u hanga raawwii kurmaana kanaattis %19.32 karoora kurmaana bara kanaarraa raawwatameera.

Haaluma kanaanis hirachuu himatamtoota mirga wabii seeraan osoo kabajamee jiruu haala adda addaatiin dhorkatame %1.7 raawwatamaniiru.

- **Si'oominaafi qulqullinni tajaajila abbaa alangummaa dabaleen:**

Si'oominni tajaajila abbaa alangummaas dabaleera. Komiiwwan 168 dhiyaatan keessaa %100 hanga kurmaana kana keessatti raawwatamaniiru. Qorannaa yakka adda addaa 943 dhiyaatan keessaa galmeen 917 haala istaandardi kaa'ame keessatti murtiin kennameera. Dhimmoonni galmee Hariiroo Hawaasummaa 65 abbaa alangaaf dhiyaatan %100 himanni banamuufi deebiin itti kennuun % 100 hanga kurmaana kanaatti raawwatamaniiru.

Waliigalteewwaan garaagaraa seekteraalee irraa akka gulaalamaniif wixineeffamaan dhiyaatan 150 yoo tahuu %100 wixineeffamuufi gulaalamuus danda'ameera. Dhibbeentaan hir'achuu galmee himataa badii naamuusa abukaatoos kurmaana itti aanutti ce'anii ilaalchisees eeruun dhiyaatan 4 yoo ta'an isaanis haala qulqullina qabuun darbaniiru.

Dhimmoota waliigala kanneen biroos 11,936 dhiyaatan keessaa hunduu daangaa karooraa kurmaanaan manneen murtii aanaalee godinichaan waliin% 100 raawwatamaniiru. Akka waliigalattis agarsiiftuuwwaan bu'aa battalaa galmaan gahuuf 13 karoorfameen keessaa 12 bu'a qabeessummaan isaas karooraa ol raawwatameera.

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Seenaa kabaja Ayyaana dubartootaa'March 8'fi bu'aawwan argamsiisaa jiru

(kan darberraa kan itti fufe..)

Guyyaan dubartootaa("march 8") bara kana akka addunyaatti yeroo "112ffaaf", akka biyyaafi Naannoo Oromiyaatti ammoo yeroo 47ffaaf" ergaa ijoo , "Kalaqaafi Teekinooloojiin Walqixummaa Koorniyaatiif" jedhuun kabajamaa jira. Guyyaan dubartootaa bara kanaa naannoo Oromiyaatti Godina Harargee Bahaatti kan kabajamu yammuu ta'u, kan kabajamus dubartoota hongeen miidhamaniif deggersa taasisuu, hojii inisheetiivii dinagdee dubartootaa daawwachuu, sosochii qusannoo dubartootaafi marii paanaaliitiin akka ta'e ragaan Biiroo Dubartootaa Oromiyaarraa arganne ni mul'isa.

Ayyaanni kun haala fayyadammummaafi hirmaannaa dubartootaa kallattii hundaan mirkaneessuu ilaalchisee keessattuu, hirmaannaan dubartootaa hojiilee adda addaa keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluun hanqinoota mul'atanirratti tarkaanii fudhachaa waggaa waggaadhaan akka kabajamu taasisudha.

Qabsoo dubartootaatiin bu'aalee argaman keessaa:

- Dubartoonni mirgootaafi eegumsa heerri mirkaneesseefiin fayyadamuurratti warra dhiiraa waliin mirga walqixxee qabachuu saanii (Heera biyyattii keeyyata 25, 35,40 irratti kaa'ameera
- Imaammataafi tarsiimoowwan gama siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaatiin akka biyyaatti bahes dubartootaaf xiyyeeffannaa kan kenne ta'uu
- Imaammanni dubartootaa akka biyyaalessaafi naannootti qophaa'ee gara hojiitti jijjiiramuusaatiin dubartoonni fayyadamoo ta'uusaanii
- Paakkeejiin misoomaafi jijjiiramaa-Dubartoota baayyee seekteroota mootummaafi miti-mootummaa keessatti gara hojiitti galchuudhaan dubartoonni bal'inaan akka fayyadaman taasisee jira
- Seera yakkaafi Seera maatii Oromiyaa
- Seera kanarrattis dhimmoonni mirga dubartootaafi daa'immaniin wal-qabatan, bal'inaan kan ibsaman yammuu ta'u, kanas hojiirra olchuudhaan caalmaatti dubartoonni gama siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaatiin fayyadamtoo gochuun danda'amee jira.
- Filannoon akka biyyaalessaafi naannootti biyya kanatti adeemsifame yoo ilaalamu teessoo Mana marii Bakka bu'oota ummataa sadarkaa federaalaatii hanga naannootti %50 kan ta'u dubartootaan kan qabamedha.
- Manneen maree sadarkaan jiran keessattis hirmaannaan dubartootaa yeroo gara yerootti dabalaa jiraachuusaa ragaaleen adda addaa ni mul'isu.
- Qaama hojii raawwachiftuu keessatti hirmaannaan dubartootaa sadarkaa Ministeerummaa, Daarektara muummeeniifi kkf dabalaa kan dhufedha.
- Qaamolee abbaa seeraa federaalaafi naannootti argaman keessattis hojii abbaa seerummaarratti hirmaannaan dubartootaa dabaluunsaa dhugaa hin haalamneefi qabatamaan mul'atudha.
- Dubartoonni mirga ijaaramuu heeraan wabii argateefitti fayyadamuun ijaaramoota adda addaa koorniyaafi ogummaa diriirsuufi hirmaachuun bifa gurmaa'aanin bu'aa barbaadamu fiduudhaaf sochiin qaban yeroo yerootti foyya'aa dhufeera.
- Investimantiifi induustriiwwan gurguddoorrattis bobba'anii oomishaafi oomistummaasaanii akka guddisaniif faayidaa guddaa qabaata. Kunimmo biyyi keenya dubartoota ilaalchisee waadaalee galteefi karoorawwan misoomaa milkeessuuf ni dandeessisa.

Fayyadamummaa Dubartootaa Mirkaneessuu keessatti hnaqinoonni jiran

- Dubartoonni ofiisaaniitiiniis ta'e hawaasa keessattis ilaalchiifi gochi dogoggoraa jiru sadarkaa barbaadameen jijjiiramuu dhabuu
- Miidhaawwan hawaasummaa, xiin sammuu,dinagdeefi humnaan dubartootarratti raawwataman akkasumas rakkolee mirgaa sadarkaa barbaadamuun hir'achuufi maqfamuu dhabuu.
- Hoggantummaafi murtii kennuurratti hirmaannaan dubartootaa ammas taanaan sadarkaa barbaadamurra ga'uu dhabuu
- Aadaan qusannaa dubartootaa gama dinagdeetiin sadarkaa barbaadamuun guddachuu dadhabuufi dubartoota birattis liqii fudhatanii hojii keessa galuurratti rakkoon ilaalchaa jiraachuu
- Ijaaramoonni dubartootaa haala barbaadameen mirgaafi faayidaa miseensoota isaanii kabachiisuu dadhabuu.
- Dubartoota hojii adda addaa galii argamsiisanirratti bobba'anii oomishaalee oomishaniif walitti hidhaminsa gabaafi iddoo itti oomishaniifi itti gurguratan mijeessuufii irratti rakkoon jiraachuu.
- Damee dinagdeetiin keessattuu, damee Manufaakchariingiifi oomishaa keessatti hirmaannaan dubartootaa muraasa ta'uu
- Sadarkaa sadarkaan dubartoota hirmaattotaafi fayyadamoo taasisuudhaaf hojimaanni qindomina qabu cimuu dhabuu

Dhimmoota xiyyeeffannaa argachuu qaban

- Dubartoonni rakkoo dinagdeesaanii furachuufi ilaalchasaanii jijjiiruudhaaf leenjii adda addaatiin hubannoosaanii cimsaa deemuu
- Hojimaata qindaa'aa, ijaaramoota mootummaafi miti-motummaa sadarkaan jiran cimsuu
- Muuxannoowwan gaggaariifi jal-qabbiiwwan iddoo adda addaa jiran adda baasaa deemuun dubartoonni akkaataa qabatamaa naannoosaaniitiin hojii muuxannoo babal'isuu hojjechuu

Sadarkaa sadarkaan ilaalchaafi rakkoo bulchiinsa gaarii furuuf sochii dubartoota giddu galeessa taasifate uumuu

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!

Oduu

Hojii barnoota fayyaafi kominikeeshiiniitiin . . .

Oromiyaa beeksise.

Biirichi raawwii hojiiwwan Damee Daarektoreetii Barnoota Fayyaafi Kominikeeshiinii sektarichaa bara kanaa kan ji'oota ja'an darbanii hoggantoota caasaaleesaa sadarkaa Godinaaleefi Magaalotaa waliin magaalaa Adaamaatti tibbana kan qorateerate yammuu ta'u, hawaasa fayyaalessaafi oomishataa uumuuf barnoonni fayyaa itti fufinsaan kennamuun murteessaa akka ta'es ibsameera.

Hojiin damee kanaa karooraafi raawwii qabaachuu, gabaasni yeroon gabaafamauu, ogeessi hojii kanarratti hojjetu buufata fayyaarra jiraachuu, qindoominaan hojjechuu, miidiyaa fayyadamuun akka ciminootaatti kan ibsaman yoo ta'u, hawaasaarratti jijjiirama amalaa fiduu, muuxannoo gaarii iddoo tokko jiru iddoo biraatti baballisuu, barnoota fayyaafi kominikeeshiinii dhaabbilee fayyaan alatti hojjechuufi Filaat iskiriin TVn bakka tokko tokkotti hojjechuu dhabuun hanqinoota irratti hojjetamuu qaban ta'uun gabaasa dhiyaaterratti ibsameera.

Qorannaa kanarratti haasaa kan taasisan Hogganaan Biirichaa Dooktar Mangistuu Baqqalaan hawaasni hubannoo ga'aa argatee fayyaasaa akka eeggatu gochuuf ga'een Barnoota fayyaafi Kominikeeshinii guddaa ta'uu himanii, hojiin kun bu'uura fayyaa hawaasaatis jedhan.

Hojii ji'oota ja'an darban keessatti gama kanaan hojjetameen bara kana lammiilee miiliyoona 16 bira ga'uun dandaa'ameera jedhan. Barnoota fayyaarratti dandeettii kominikeeterootaa cimsuufis ogeeyyii 1000'f leenjiin kennamuus Dr. Mangistuun himaniiru.

Kana malees, meeshaaleen elektirooniksii ergaan kun ittiin darbuu danda'u 883 bitamuun dhaabbilee fayyaa keessa akka galu taasifameeras jedhan. Kanaaf, hojiin gama barnoota fayyaafi kominkeeshiiniitiin hojjetamaa jiru bu'aa gaarii argamsiisuu jalqabe kana caalaatti itti fufsiisuuf ammas damee kanaaf xiyyeeffannaa kennuun barbaachisaa akka ta'e himaniir.

Keessumaa, hoggansi sektarichaa sadarkaan jiru hojii barnoota fayyaafi kominikeeshinii kana milkeesssuuf dhimmoota fayyaarratti hojiilee hojjetaman miidiiyaa fayyadamanii uummataaf odeeffannoo sirriifi qulqulluu kennuufiin hanqinni gama kanaan jiru akka furamuuf xiyyeeffannaan irratti hojjechuu akka qaban Dr.Mangistuun hubachiisaniiru.

Daarektarri Barnoota Fayyaafi Kominkeeshiinii Aadde Sa'aadaa Ahimad hojiin Barnoota fayyaafi Kominkeeshiinii furtuu fayyaa hawaasaa ta'uu dubbatanii, kana galmaan ga'uu keessatti ammoo ga'een Abbootii Gadaa, Abbootii Amantii, qindoominni seektaraalee, miidiyaaleefi qaamolee hawaasaa adda addaa murteessaa waan ta'eef gama kanaan hojii qaamolee kanneen waliin ta'uun hojjatamaa tureen bu'aawwan gurguddoon galmaa'aniiru jedhan.

Kaayyoon gamaaggama raawwii hojii Barnoota fayyaafi Kominikeeshinii qophaa'ee kanaas, deggersaafi hordoffii hojii barnoota fayyaafi kominikeeshinii godiinaalee, Bulchiinsa magaalotaafi Hospitaalotaa dhiyaatee irratti mar'achuun ciminootaafi hanqinoota jiran adda baasuun yeroo itti aanu keessatti bu'aa caalu argamsiisuun haala danda'amurratti kallattii kaa'uuf akka ta'es Aadde Sa'aadaan himaniiru. Dhaabbilee hojii Barnoota fayyaafi Kominkeeshiinii kana milkeessuu keessatti ga'eesaanii gumaachaa jiraniifis beekamtiin kennameera.

Hirmaattonni maricharratti argaman tokko tokkos hojii Biiroon Fayyaa fayyaa hawaasaa eegsisuurratti hojjechaa jiru kan nama gammachiisu waan ta'eef kanaa caalaatti cimsuu akka qabu yaada kennaniin ibsaniiru.

Bulchinsa Magaalaa Jimmaattii . . .

magaalaa seena qabeettiifi umrii dheeraa qabdu taatullee baroota dheeraaf sirnoonni biyya kana bulchaa turan kallattii garaa garaan dhiibbaa irraan ga'aniin akka hin guddanneefi boodatti haftuu taasisanii turan jedhan.

Yeroo ammaa garuu xiyyeeffannaa adddaa itti kennuun bu'araalee misoomaa umriin isaanii itti darbuun kan ka'e manca'ani bifa haaraan akka seenaashee madaalutti ijaaraa kan jiru yommuu ta'u isaan keessaas daandiin Aspaaltii kun isa tokkodha jedhanii hojii daandii kanas bara baajataa kana keessatti xummuruuf xiyyeeffannaa addaatiin hordoffii taasisuun kan hojjatan ta'u himan.

Gama biraatiin invastaroota garaagaraas baay'inaan simachuunis hojiilee gurguddoon hojjatamaa jiraachuu kaasuun, hawaasni hundi milkaa'an daandii kanaafis ta'ee hojiiwwan misoomaa kanneen biroof hirmaannaafi tumsasaanii cimsanii itti fufuu qabus jedhan Obbo Najiib.

Injinar Daani'el Tasfaayee Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Itoophiyaatti Dursaan Garee Bulchiinsa Daandiiwwan Dhiha Oromiyaa Damee Jimmaa gamasaaniin sirna jalqabbii ijaarsa daandii aspaaltii keessoo Magaalaa Jimmaa kanarratti argamuun haasawaa taasisaniin ijaarsa daandii keessoo keessoo Magaalaa Jimmaa kana akka dhaabbatasaaniitti halkaniif guyyaa hojjachuun qulqullinasaa eegnee osoo ganni hin dhufin xummuruuf ni hojjanna jedhanii, hoggansiifi hawaasni Magaalaa Jimmaa akka bira dhaabbatu gaafataniiru.

Jiraattotni Magaalaa Jimmaa gama isaaniin hojjatamuu daandii kanaatti kan gammadan yommuu ta'u asiin dura ganna dhoqqeefi bona dhukkeen dararamaa akka turaniifi daandiin aspaaltii gaaffii isaanii yeroo dheeraa ta'uu kaasuun milkaa'ina hojii kanaaf waan isaanrraa eegamu hunda kan godhan akka ta'e himaniiru.

Aanichatti buna kilaastaraan . . .

tarsiimoo muuxannoo gaarii babal'isuun ,qonnaan bulaan haala saayinsaawaa ta'een tekinooloojiitti fayyadamuun, deggersaafi hordoffii ogeessonni qonnaa kennaniifitti gargaaramuudhaan oomishaafi oomishtummaasaanii dabaluu akka danda'aniif hojjetamaa jira jedhan.

Dabalataanis, kana milkeessuufis sanyii filatamaa mootummaan dhiyeessutti fayyadamuun qonnaan bultoonni haala baratameefi booddatti hafaa keessaa ba'anii kilaastara bunaa paakeejii guutuun misoomsuun buna qulqullinnisaa eegameefi gabaa addunyaarratti dorgomaa ta'e oomishuun galiisaanii gabbifachaa akka deemaniif biqilaan bunaa miliyoonni 19 ol laga biqilaa mootummaa 9fi kan dhuunfaa 370 irratti kunuunfamaa jiraachuu himaniiru.

Piroojektii idilee dhangaggaa'ummaa biyyee ittisu bara 2012 eegalameen qonnaan bultoonni 1986 lafa hektaara 986 kilaastera 49'n buna misoomsaa kan jiraniifi bara kanas karaa walitti fufiinsa qabuun hojjetamaa jiraachuu Obbo Lataan himanii, bara kanas biqilaan bunaa miliyoona 1 laga biqilaa mootummaatti kunuunfamaa jiraachuufi laga biqilaa dhuunfaatti immoo miliyoonni 18 walumaagalatti biqiltuuwwan miliyoonni 19 idileefi kilaastaraan lafa hektaara 3287 biqilaa bunaan uwwisuuf hojjetamaa jiraachuu himaniiru. Hanga ragaan kun qindaa'etti boolli bunaa miliyoonni 2.8 qophaa'ee jiraachuun ibsameera.

Aanaa Lumeetti . . .

Lumee obbo Lammii Irkoo himanii jiru. Oomishni kunis tibbana ganda Qooqaa Nagawoo jedhamutti Kombaayinaraan sassabamuu jalqabee jira.

Mootummaan dhaabbileefi . . .

garaagaraa 36fi qaamolee adda addaa 83 deggersa kana taasisaniif beekamtii kenneera.

Sagantaa kanarratti argamuun beekamtii kennan Pirezidaantii itti Aanaan pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdii haasaa taasisaniin Abdii Mootummaan Naannoo Oromiyaa rakkoo sababa uumamaafi namtolcheetiin mudateen rakkoo hawaasarra gahaa jiru furuufi lubbuun namaa akka hin miidhmneef xiyyeeffannaa guddaa kennee hojjechaa jira jedhan.

Waamicha mootummaan taasise dhaga'uun torban sadii keessatti deggersa akaakuufi maallaqaan dhaabbileeniifi qaamoleen garaagaraa taasisaniin walumatti qarshiin Biliyoonni 1fi kumni 200 ol walitti qabamee ummata bira ga'aa jira jedhan Obbo Awwaluun. Dhaabbileefi qaamolee adda addaa deggersa kana taasisanis galateeffataniiru.

Keessumaa, Raayyaan Ittisa Biyyaa wareegama qaalii kaffaluun birmadummaa biyyaa eegsisuun cinaatti miindaasaaniirraa walitti qabuun deggersa qarshii miliyoona 100 taaisuunsaan aantummaa ummatasaaniif qaban caalaatti waan agarsiisaniif galata guddaa qabu; ummanni Oromoo yoo isin waliin jira jechuun Obbo Awwaluun dubbataniiru.

Deggersa hojii baraaruu taasifamuun cinaatti ummata kana itti fufinsaan rakkoo keessaa akka ba'u taasisuuf yeroo ammaa nyaata namaafi kan loonii facaasuuf hojjetamaa jiraachuus dubbataniiru. Boolli bishaanii gadi fagoon qotamaa jiru keessaa kanneen xumuramanii bishaan kennuu eegalan akka jiranis himaniiru.

Aadaa walgargaarsaa Ummanni Oromoo qabu Cimsuuf Buusaan Gonofaa hundaa'ee hojii guddaa hojjechaa jiraachuu kan eeran Obbo Awwaluun Naannoo Oromiyaatti bara kana barattoota miliyoona 4.6'f nyaanni akka dhiyaatu taasisuun bu'aa Buusaa gonofaa ta'uu dubbataniiru. Dhaabbanni kun hanga ammaatti miseensota miliyoona 9 horachuun maallaqni Biliyoonni 1 ol walitti qabeeras jedhan. Kanaaf, namni hunduu miseensa ta'uun tumsuu akka qabu dhaamaniiru.

Bara kana naannichatti sababa rakkoo namtolcheefi uumamaatiin ummanni miliyoonni 4.3 deggersa akka barbaadullee Obbo Awwaluun haasaa taasisaniin himanii, deggersa gama hundaan dhaabbileefi qaamoleen adda addaa dhugaafi qabatamaan taasisan ifatti yeroo yeroon ummataaf ibsamaa kan deemu ta'uu dubbatanii, qaamoleen sobaan maqaa hawaasa rakkateen maallaqa walitti qabuun hojii sobaa hojjechaa jiran irraa qusachuu akka qaban yaadachiisaniiru Obbo Awwaluun

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!

Bohaartii

‘Kailasa’ walgahii mootummoota gamtoomaniirratti

Walgahii Biyyoota gamtoomanii yeroo yeroon adeemsifamurratti bara kana biyyi qabatamaan lafarra hin jirre, hundaa’uuf sadarkaa yaadaatti kan jirtu walgahicharratti kara bakka bu’aashee hirmaachuunshee ajaa’iba jechisiiseera.

‘United States Of Kailasa’ ykn ‘USK’ jedhamuun ani biyya jechuun bakka bu’aa walgahii Mootummoota Gamtomaniirratti kan ergatte kuni qabatamaan lafarratti hundooftee kan jirtu osoo hin taane yaadaan kan jirtudha.

Biyyi kanaa sadarkaa yaadaan jirtu kuni odola biyya Ikuwaadooritti hundeeffamti jedhamteeti yaadamte. Lammiiwwan koo bilisaanan jiraachisas jechuun jirattoota toora intarneetiin ‘online’ galmeessaa jirtis jedhameera.

Biyya ‘USK’ jedhamtu kana namtichi nan hundeessa jedhe duureessa lammii Hindii Niityaanandaa Paaramaashiivaam jedhamu odola Ikuwaadoor tokko bituun biyyattii nan hundeessa jechuun erga ‘YouTube’n ergaa dabarsuutti ka’ee waggoottan afur darbanis qabatamaan wanti lafarratti argamu hin hojjetamne.

‘USK’n kaartaanshee lafarratti hin mul’atu kunimmoo kaninni ta’eef xiqqoo waan taateef osoo hin taane bakki jirtu waan hin beekamneefidha.

Egaa bakka buutoota biyya qabatamaan osoo lafarra hin jiraatiin yaada dureessa kanaa keessa jirtu jirtu walgahii mootummoota gamtoomaniirratti argamuunsaanii ijoo dubbii taa’eera. Wanti biraan dhimmicha ajaa’ibsiisaa jechisiisemmoo namtichi biyyattii nan hundessa jedhe kuni waggoottan afran kana eessa akk inni jiruufi maal akka fakkaatu beekamuu dhabuusaati.

Biyyi Ameerikaa Kibbaa Ikuwaadooris yaada duureessa kanaa bara 2019 akkuma dhageesseen waanan beeku hin qabu, kuni oduu akkanumaan odeeffamaa jirudha jechuun yaadicha kufaa taasifteetti.

Erga bara 2019 yaadichi ka’ee asitti dhimmi qorree tures bara kana 2023tti namoonni bakka bu’oota biyyattiiti jedhan erga walgahii Mootummoota Gamtoomaniirratti hirmaatan deebi’ee mata duree oduu ta’uu danda’eera. Dhimmi namticha bade jiru kanaas deebi’ee bakka dagatamee ka’uu danda’eera. Akka odeeffamaa jiruttis dureessi lammii Hindii kuni yakkaan barbaadamas jedhamaa jira. Egaa nama yakkamaa seeraan barbaadamutu biyyan hundeessa jedha.

Walgahii kanarratti dubartiin Viijaayaapiriyaa Niitaayaanaadaa jedhamtu ani ergamtuu addaa ‘USK’ti jechuun erga of beeksiftee booda waa’ee mirga namoomaafi misooma itti fufiinsa qaburratti yaada kennitu hirmaattonni ‘USK’n eessa jechuun gaafachaa turan.

Jarri kuni attamittiin biyya qabataamaan lafarra hin jirreefi hin galmoofne attamiin walgahii kanarratti afeeramuu dandeese gaaffiin jedhu deddeebi’ee kan ka’e yoo ta’u, dhaabbatichi garuu walgahichi marsariitiin kallattiin waan adeemsifamaa ture qamni kamiyyuu irratti hirmaachuu ni danda’a ture jechuun deebii kenneera. Jarris carraa kanatti fayyadamuun biiyasaanii qabatamaan lafarratti hin hundoofne beeksisaa jiru. Ta’us dhaabbaticha komiirraa hin baraarre, attamittiin qamni hin beekamne walgahii hagas gahurratti salphaatti hirmaachuu danda’e jedhamee qeeqamaa jira.

Kanas ta’e sanas gaafa hundooftu lammiiwwansheef bilisaan tajaajila nyaataa, manaafi yaalaa kennuuf qophaa’aa akk jirtuufi namoonni miseensashee ta’uuf fedhii qabanis marsariitiirratti galmeessuu jalqabuunshee itti fufiinsaan gaggeeffamaa jira.

Ji’a Amajjii darbes oduu sobaa biyyi keenya ‘USA’ waliin waloon hojjechuuf waliigaltee mallateessineerra jechuun miidiyaalee hawaasaarratti oduun tamsa’e hundeeffamuun biyyattii soba malee waan dhugoomu miti jechuun yaadicha kufaa taasisaa jiru.

Namtichi lammii Hindii dureessa jedhameefi biyya haaraa hundeessu kana keessa duuka buutota amantaa Hinduu biyya bilisaa keessa jiraachisuun barbaada kan jedhu yoo ta’u, fedhiinsaa kuni garuu marsariitiiwwan miidiyaalee hawaasaafi chaanaalii ‘YouTube’ irratti ergaa dabarsuun alatti bakki jireenyasaallee hin beekamu.

Dhaabbileen mirga dubartootaaf falman Paaraamishiivaam yakka dirqisiisanii gudeeduufi yakkoota biroon nama barbaadamudha, himatamee hidhaan irratti murtaa’ee utuu hin xumuriin badeera jechuun himachaa jiru jedha odeessi Odity Central.

Magaalaa Naqamteetti piroojektoonni qar. mil. 400 oliin hojjetamaa jiran daawwataman

W.K.B.Magaalichaatiin

Bulchiinsa magaalaa Naqamteetti piroojektoonni garaagaraa bajata mootummaan naannoo Oromiyaafi bulchiinsi magaalichaa remade qarshii miliyoona 400 oliin hojjetamaa jiran sadarkaa raawwii gaariirra jiraachuunsaa ibsame.

Piroojektoonni hojjetamaa jiran kunneenis giddugala kilaastara IMX, bakka oolmaa dargaggoo, sheedii IMX, buufata konkolaataa qindaa’aa Naqamtee, daandii dhagaa koobiliifi bo’oo lolaa kan of keessaa qabu yoo ta’u walumaagala qarshii miliyoona 400fi miliyoona 68n hojjetamaa jiru.

Namoonni naannoo piroojektii giddugala kilaastara IMX mootummaa naannoon ijaaramaa jiruu yaada kennaniin piroojektiin kun jalqabamee addaan cituusaatiin bakka hattuun keessa dhokattee badii garaagaraa geessisaa turte amma piroojektichi bakka saffisa gariin irratti deemaa jirudha. Hojii dhabaaf carraa gaarii uuma waan ta’eefis nu gammachiiseera jedhaniiru. Giddugalli kilaastara IMX kun bakka oomisha sibiilaa, bakka hodhaa, gurgurtaa uffannaa aadaa akkasumas bakka nyaanni aadaa itti hojjetamuufi oomishamu of keessaa qaba.

Dhaabbata ijaarsaa, dizaayiniifi suupparviizyiinii Itoophiyaatti gorsaa ijaarsa buufata konkolaataa qindaa’aa Naqamtee injiinar Ammayyuu Booboo piroojektiin kun sababa rakkoo dizaayinii, qaala’insa meeshaalee ijaarsaaniifi jalqaba gaafa waliigalteen raawwatu kan waajjira geejjibaa ture amma garuu gara waajjira daandiifi loojistikii waan jijjiirameef yeroo jedhame keessatti xumuramuu hin dandeenye amma garuu akka inni dafee xumuramuuf kontiraaktaraaf deggersa barbaachisu gochaafii jirra jedhaniiru.

Buufanni konkolaataa qindaa’aan magaalaa Naqamtee bajeta mootummaa Naannoo Oromiyaa qarshii miliyoona 200fi miliyoona 56n hojjetamaa jira. Buufanni konkolaataa kun gaafa ijaaramee xumuramu tajaajila buufata konkolaataa sadarkaasaa eggate kan kennu yommuu ta’u gamoowaajjirabulchiinsaa,kaafteeriaa,kilinika,bakka suphaafi gurgurtaa meeshaalee konkolaataafi k.k.f of keessaa qaba.

Piroojektiin kan biraan daawwatame immoo giddugala oolmaa dargaggoo bulchiinsa magaalaa Naqamtee yoo ta’u, giddugalli kun deggersa UIIDP/Urban integrated infrastructure development program/ jedhamuun qarshii miliyoona dhibba 100fi miliyoona 8n kan ijaaramaa jirudha. Giddugalli kun dirree kubbaa miilaa, kubbaa saaphanaa, kubbaa kachoo, bakka bishaan daakan, kaafteeriyaafi mana kitaabaa dijiitaalaa kan of keessaa qabudha. Gaafa ijaaramee xumuramu namootaaf carraa hojii umuurra darbee galii magaalichaa guddisuun akka dargaggoonni bakka hin malle hin oolleef hedduu gargaara jechuun namoonni bakka piroojektiin kun itti ijaaramaa jiruu dubbisne tokko tokko yaadasaanii kennaniiru.

Akka bulchiinsa magaalaa Naqamteetti hojii diichii lolaa, daandii dhagaa koobilii afuutiin akkasumas sheediiwwan IMX magaalichaa qarshii miliyoona 200fi miliyoona 18n hojiin fayyadamummaa jiraattota magaalichaa mirkaneessuu danda’an hojjetaman daawwatameera.

Walitti qabaa koree dhaabbii mana maree bulchiinsa magaalaa Naqamtee obbo Geetaachoo Qinaaxii piroojetoonni daawwatan gaarii ta’us saffisasaarratti ni hafa jedhanii piroojektoonni kun bajata naannoo Oromiyaafi kan bulchiinsa magaalaa Naqamteen hojjetamaa jiru, giddugalli kilaastara IMX ijaarsisaa sadarkaa gaariirra yoo jiraates kan buufata konkolaataa ammayyuu akka yeroo jedhame keessatti xumuramee tajaajila barbaachisuuf oolu deggersaafi hordoffii barbaachisa, kana gochuun qaama piroojektii kana hogganu waliin taanee mari’achuun akka dafee xumuramee dhimma barbaadamuuf ooluuf kan hojjetan ta’uu himaniiru. Fayyadamummaa ummataa mirkaneessu tasisuun barbaachisaa akka ta’es eeraniiru.

Hojii geggeessaa mana qopheessaa bulchiinsa magaalaa Naqamtee obbo Tolasaa Dagaagoo gamasaaniitiin bara kana akka waliigalaatti magaalicha keessatti piroojektoonn qarshii miliyoona 400fi miliyoona 68n hojjetamaa jiraachuu ibsanii piroojektoonni haaraan 19fi kan bule 19 jiraachuufi piroojektiin kun akka hin bulle irratti waliigalleerra jedhaniiru.

Af-yaa’iin mana maree bulchiinsa magaalaa Naqamtee obbo Mangashaa Akkayyuu piroojektoota magaalaa keenyatti hojjetamaniif bara kana qabanne yeroo yerootti sadarkaasaa hordofaa turre amma jijjiirama gaariirra jiraachuusaa qabatamaan arginee jirra jedhanii piroojektoonni gurguddaan bajata mootummaa naannoo Oromiyaan hojjetaman rakkoo hojii dhabdummaa hiikuufi dinagdee magaalaa keenyaaf bu’aa guddaa buusa jedhaniiru. Nuti akka mana maree bulchiinsa magaalaa Naqamteetti hordoffii walitti fufinsa qabu geggeessaa turree ammas qaama dhimmisaa ilaallatu waliin taanee piroojektii kana daawwachaa turre piroojektoonni baay’eensaa sadarkaa gaariirra jiru kan buufata konkolaataa ammayyuu hordoffii barbaada, hordoffii keenya cimsuun yeroo jedhame keessatti hojiinsaa kan hin xumuramne yoo ta’e irratti tarkaanfii barbaachisu fudhanna jedhaniiru.

Piroojektoonni magaalaa Naqamtee keessatti hojjetamaa jiran namoota 600 oliif carraa hojii guyyaafi dhaabbiin umee jiraachuunis himameera.

Milkaa’inni gama misooma dinagdeetiin galmaa’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Caalbaasii Gurgurtaa Feerroo Caccabaa adda addaa
Waajjirrii Maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Amboo Feerroowwan adda addaa baay'inni isaa tilmaamaan Kg.700 (kuma torba) ta'u dhaabbilee hayyama daldala hojichaa qaban waldorgomsiisee caalbaasii ifaan gurguruu barbaada.Haaluma kanaan guyyaa beeksifni kun gaafa guyyaa 19/07/2015 irraa eegalee hanga gaafa 7/07/2015tti guyyoota hojii walitti aanan guyyaa 10(kudhan) qilleensarra kan turu ta'ee guyyuma kana sa'aa 8:00tti caalbaasichi cufamee sa'aa 8:30tti ni banama. Kanaafuu,namoonni (dhaabbileen bitachuuf eyyama hijichaa qabdan guyyoota hojii yeroo hunduu sa'aa armaan olitti ibsametti Waajjira Maallaqaa Bu/M/Amboo biiroo Lakk.7tti argamuu sanadichaa ni dandeessu. **Odeeffannoo dabalataaf: 0112609448/011260944462 Waajjira Maallaqaa Bu/Magaalaa /Amboo**

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Baankii Inteernashinaalii Awash W.A fi M/A/Idaa Obbo Taaddasaa Ayyalaa jidduu falmii himannaa raawwachisa murtii jiru ilaalchise

1. Funyoo Fireenii bajajii baay'ina 5 gatiin tokko kaa'umsa caalbaasii qarshii 80 walii gala 400.00
2. Chaarjii Moobayilaa 1gatiin qarshii 25.00
3. Komputaaraa Deeli mawuzii 3 (sadii) baay'ina 4(afur) gatiin tokko qar.7,500 gatiin waliigala 30,000.00
4. Saaxinaa dhabbata gara laman banamu 1 gatiin qar,8000.00
5. pirintara 1 gatiin isaa qar.2,500.00
6. Taa'umsaa naannaa'aa 3 fi abbaa hirkoo 4(afur) gidduu galeessan baay'inaa gatiin tokko qar.628.60 waliigala qarshii 4400.20
7. .Taa'umsaa keesuummaa abbaa nama lama baay'ina 2 gatiin tokko qar 2,500 gatiin waliigala 5000.00
8. Kursi baay'inaa 2 gatiin tokko qar.110.00 gatiin waliigala qar. 220
9. Teebilii bunaa 1 gatii isaa 350
10. Teebilii kompiteera 2 gatiin isaa 2500. gatiin tokko.2,500.00 gatiin waliigalaa 5000.00
11. Teebilii normaalii 1 gatiin isaa qar.1800.00
12. Baattuu faayilaa baay'ina 10 gatiin tokko qar.10.00 waliigala 100.00
13. Sheelfii faayilaa tokkoon isaa faayilaa 4 kan qabu baay'ina 2 gatiin tokko qar.5000.00 gatiin waliigala qar.10,000
14. Urtuu waraqaa (paancharii) baay'ina lama gatiin tokko qar.40.00 gatiin waliigala qar.80.00
15. Isteepilaarii xiqqoo 1 qar.20.00
16. Teebilii tajajiila hin kenninee caacabaa 1(tokko) gatiin qar.3,800.00 (kuma sadiifi dhibba saddeet)
17. Baattuu balfaa googa moofaa 1 qar.10.00
18. Baaldii bishaanii moofaa 1qar. 35.00 qabeenyummaan isaa kan murtii abbaa idaa ta'e gatii kaa'umsaa tilmaamaa kanaan nammni dorgomee bitachuu barbaadu iddoon Mag/Bishooftuu Gamoo Ada'aa jedhamutti gaafa 12/07/2015 sa'aatii 3:00 – 11:00tti kan gurguramuu waan ta'eef namoonni dorgomaanii bitachuu barbaddan guyyaa fi sa'aati iddoo jedhametti qaaman argamaani bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol/Go/Sh/Bahaa.

Obbo Abdulaxiif Usmaan Nagahee Lakk. isaa 802649 kan ta'e Magaalaa Sabbataa keessatti galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.B/M/Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Gaashaw Kaasaayee kaartaa mana jireenyaa Lakk. kaartaa isaa 1030/2013 ta`e Magaalaa Adaamaa gandaa G/Luugoo keessatti maqaa kootiin galmaa'ee naaf kenname waan jalaa badeef namni arge ykn mirga qabeenyaa kanarraa qabu yoo jiraate,guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggale guyyaa 20 keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksisuu,yoo dhiyaate beeksisuu baate kaartaan kan biraa abbaa dhimma kanaaf hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Aadde Muluu Lammaa kaartaa mana jireenyaa Lakk. kaartaa isaa 739016/99 ta`e Magaalaa Adaamaa gandaa Gooroo keessatti maqaa kootiin galmaa'ee naaf kenname waan jalaa badeef namni arge ykn mirga qabeenyaa kanarraa qabu yoo jiraate,guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggale guyyaa 20 keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksisuu,yoo dhiyaate beeksisuu baate kaartaan kan biraa abbaa dhimma kanaaf hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Addisuu Bayyanaa nagahee Lakk.isaa 1505175 kan ta'een galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Nagahee kana namni idaadhaanis ta'ee haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 30 keessaatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate raga abbaa qabiyyee (Kaartaa) biro baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Obbo Magarsaa Dinagdee Magaalaa Wallisoo ganda Ejesra keessaatti ragaa mana jireenyaa qaban Kaartaa Lakk.isaa W/815/93 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa`ee jiru waan jalaa badeef qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta`uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo.

Obbo Balaay Gamtaa Ruudaa Bulchiinsa Magaalaa Amboo ganda Yaa'ii Gadaa keessatti Kaartaa Lakk. isaa **ኢ/ማ** 682 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef oriijinaalli harka isaanii jiru waan na jalaa bade jedhaniif ragaa bade kan bakka bu'ee akka kenninuuf waajjira keenya gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni nagalcha ykn na ilaallata jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20keessatti dhiyaachuu yoo baatee ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Amboo.

Caalbaasii
R/Himataan Moko'aaninti Misaayeefi R/Himatamaan 1ffaa Obbo Isheetuu Bazzaa 2ffaa Dhaabbata Inshuuraansii Awaash jidduu falmii jiru ilaalichisee mana jireenyaa Magaalaa G/Gurraachaa keessatti kaaree meetira 500 irratti argamu gatii ka'uumsa caalbaasii qarshii 1,300,000tiin gaafa 13/08/2015 sa'aatii 4:00 – sa'aatii 6:00tti iddoo manni jireenyaa kun argamutti caalbaasiidhaan waan gurguramuuf, namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan ka'umsa caalbaasii irraa ¼ qabsiisuudhaan qarshii hafemmoo kaffaluudhaan dhiyaattanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Sh/Kaabaa.

Maqaa Abbaa qabeenyaa Addis Waalee Konkolaataa Lakk. Gabatee isaa 3-40347 OR Lakk. Libiree Lakk. Mootora 2KD-1643656 Lakk.Shaansii JT121JK22000389 kan ta'e Libireen waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu, namni Libiree bade kana arge ykn dhimma gara biraatiif qaamni qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksisaa,yeroo jedhame keessatti yoo dhiyeessuu baattan iyyataaf Libiree kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Geejjibaa Magaalaa Shaggar.

2ffaa Aadde Qananii Baqqalaatiif
Bakka Jiranitti
Iyyataan Obbo Asaffaa Warqinaafi deebii kennaa Barsiisaa Baqqalaa fa'aa N-2 jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee deebii kennituun 2ffaa kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 20/07/2015 sa'aatii 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/W/Oromiyaa.

Obbo Andinnat Xaasawuu fa'aa N-5tiif
Bakka Jiranitti
Oliyyattuun Aadde Almisheet Ashaareefi Debii kennitoonni isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee deebii kennaa 1ffaa du'aa Obbo Andinnat Xaasawu kan ta'e raga dhaaltummaa isaa agarsiisu qabachuun beellama gaafa 08/07/2015 sa'aatii 4:00irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee,kan hin dhiyaanne taanaan bakka isin hin jirretti dhimmichi murtii kan argatu ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/W/Oromiyaa.

Obbo Fallaqaa Carriqoo Teessaa kaartaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa gandaa Biqqaa keessaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Lakk.kaartaa isaa 10282/2002 ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kannaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggale guyyaa 20keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksistan ibsaa.yoo dhiyaachuu baattan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

Caalbaasii
Falmii R/himataa Chuuchuu Suyyumfaa N-2fi himatamtuu murtii abbaa idaa Tigist Adimaachoo gidduu jiru ilaalchisee konkolaataan SUZUKI lakk. gabateesaa 3-B48606 AA ta'e tilmaamaa ka'umsaa qarshii 709,036.20n gaafa 23/7/2015 ganama sa'aa 3:00 hanga 6:00tti Waajjira Abbaa Taayitaa Geejjibaa godina Shawaa Kaabaa keessatti caalbaasiin akka gurguramu manni murtii waan ajajeef namni bitachuu barbaadu yeroofi iddoo jedhame kanatti argamuun dorgomee kan bitachuu danda'u ta'uu ibsaa Abbaan Taayitaa Geejjibaa godina Shawaa Kaabaas caalbaasicha poolisii godinichaa waliin ta'uun akka raawwachiiuufi bu'aan caalbaasichaas gaafa 25/7/2015 sa'aa 4:30tti akka dhihaatu manni murtii ajajeera. M/M/Ol/G/Shawaa Kaabaa

---

Obbo Gashaawu Kaasaayee kaartaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda G/Luugoo keessaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Lakk.kaartaa isaa 1030/2013 ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kannaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggale guyyaa 20keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksistan ibsaa.yoo dhiyaachuu baattan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Sammuu Irkoo kaartaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa gandaa Dhaddacaha Araaraa Nannoo Zoonii 6tti argamu Lakk. manaa 212 kaaree meetira 350 irratti argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kannaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggale guyyaa 20keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksistan ibsaa.yoo dhiyaachuu baattan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Ganda Dhaddacha Araaraa.

Obbo Galaanaa Nuurasaa Nagahee Lakk. isaa 99153 kan ta'e Magaalaa Sabbataa keessatti galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.B/M/Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Nagawoo Sariitii Nagahee Lakk. isaa 870966 kan ta'e Magaalaa Sabbataa keessatti galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.B/M/Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Daammanaa Waaqayyoo Baayikadan Nagahee Lakk. isaa 0451515 kan ta'e Magaalaa Sabbataa keessatti galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.B/M/Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa

---

Sh/Tasfaayee Goobee Kaartaa Lakk. isaa **ሳ/4**517/98 kan ta'e Magaalaa Sabbataa keessatti galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, kaartaa kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.B/M/Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Warqinesh Mahaammad Nagahee Lakk. isaa 175144 kan ta'e Magaalaa Sabbataa keessatti galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.B/M/ Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Iyyattuun Aadde Alaminash Sirneessaa abbaan waarraakoofi abbaan ijoollee Maartaa Taaddalaa fi Haannaa Taaddalaa Obbo Taaddalaa Abbabaa waan du'aniif mana jireenyaa qabiyyaa Magaalaa T/Bolloo Ganda 01 keessatti argamu dhaaltummaan akka argatan waan nu gaafataniif kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee hanga guyyaa 20 haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa T/Boolloo.

